



Suurri Gabuu Gabeetiin

Doktar Laggasaa Tulluu

“Naannoo Amaaraatti magaalotni to’anna Jaawusaa jala turan bilisa ba’aniiru”

- Tajaajila Kominikeeshinii Mootummaa


Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Magaalotni naannoo Amaaraa Finxaaleyyii Jaawusaan to’atamanii turan qindooina Raayyaa Ittisa Biyyaafi ummaa naannichaan bilisa ba’uu Tajaajilli Koominikeeshinii Mootummaa ibse. Balaliin xayyaaraas gara naannichaatti eegalamuus hubachiiseera.

Ministirri Tajaajilichaa Doktar Laggasaa Tulluu ibsa kaleessa miidyaaf kennaniin akka jedhanitti, qaamni hidhatee naannichatti jeequmsa kaasee naannichatti qormaatni kutaa 12ffa qixa sirriin akka hinkennamne, saamichaa garaagaraa raawwachuun, ummatni karaa tasgabbii qabun akka hinsoomne taasisuufi xaa’oo saamuun qonna naannichaan danquun diinummaa ummataa naannichaaf qabu ifatti mirkaneesseera. Miidhaan naannichatti qaqqabe ragaan deggeramee fuuluduttratti ummataaf ifa ta’as jedhaniiru.

Qaamni dheebuu aangoon guutume kun “Amaaraa jabduun ijaara” abjuu jedhuun, sirna

Gara fuula 16tti



Amaasaaddar Mallas Alam

**Bu’aqabeessummaan
hariiroo dippilomaasi
Itoophiyaa
dabalaa jira**

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Bu’aqabeessummaan hariiroo dippilomaasi biyyattii daran dabalaa jiraachuu Ministeeri Haajaa Alaa Itoophiyaa beeksise.

Dubbii Himaan Ministeerichaa Ambaasaaddar Mallas Alam ibsa tibbana miidyaaf kennaniin akka

Gara fuula 16tti

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Caffe Oromiyaa ijaarsa sirna dimokiraasi dagaagsuu, bulchiinsa gaarii mirkaneessuu, misooma arifachiisa ummanni sadarkaan irraa fayyadamu gama hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaan fiduun itti gaafatatummaa olaanaan heerafi ummataan itti kenname dhugoomsuuf amantaa ummatni irraa qabu cimsuuf hojilee gurguddoo raawwachaa jiraachuu ibse.

Afyaaiin Caffe Oromiyaa Aadde Sa’adaa Abdurramaan ibsa dheengadda Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, Caffichi ergama ulfaataa itti kenname milkeessuuf waggoota lamaan



Aadde Sa’adaa Abdurramaan

darban kaayyoowwan muummee ja’aa (dimokraasiifi bulchiinsa gaarii diriirsuu,

Suurri: (Caffe Oromiyaa)

mirga lammiiwanii akkasumas, nagaafi tasgabbii kabajchiisuu, qabeenya ummataafi mootummaa qajeelloon hojiirra oolchuu, hojileen seeraafi sirni hojmaata bu’ura godhatanii akka raawwataman taasisuu, misoomni haqa qabeessaafi ariifataa ta’e akka jiraatu taasisuufi qaamolee mootummaa giddutti qindoominni hojmaataa akka jiraatu) taasisuratti xiyeyeffatee hojjechaa ture. Caffichi waggoota shanan dhufan akka waggaa 25tti ilaalamanii hojjetamuu qabu miira jedhuun hojjechaa jira.

Caffe Oromiyaa ittigaafatatummaafi ergama itti kenname ba’achuuf hojilee raawwataa tureen bu’aa qabatamaa fiduu danda’uu himanii, gama tajaajila

Gara fuula 16tti

**“Geengoo jeequmsaa
keessaa ba’uuf falli jiru aadaa
marii gabbisuu qofa”**

-Obbo Mulaatuu Gammachuu

fuula 2

**“Raayyaa ittisa biyyaa maqaa
balleessuun sabaafi Sablammoota
jibbuurraa madda”**

- Ustaaz Kaamil Shamsuu

fuula 2

**Sirna Gadaa: Sirna
sagalee caalmaan
osoo hintaane haqaan
murtoo kenu**

fuula 4

ODUU

“Geengoo jeequmsaa keessaa ba’uuf falli jiru aadaa marii gabbisuu qofa”

- Obbo Mulaatuu Gammachuu

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Daddaaqama siyaasa biyyattii wal'aanuufi geengoo jeequmsaa keessaa ba'uuf falli waaraan aadaa marii gabbisuu qofa ta'uu Miseensi Koree Raawwachiiftu Hojji Paartii Kongirasiif Federaalistii Oromoo Obbo Mulaatu Gammachuu ibsan.

Obbo Mulaatuun haala boora'uu nageenya naannoo Amaaraa ilaalchisaniit turtii dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa waliin taasisaniiru. Akka isaan jedhanitti, naannicha dabalatee bakka kamittuu mufii jiru humnaan osoo hintaane marii furamuun qaba. Waldhabbi humnaan furuuf sochiin barootaaf biyyattii keessatti taasifame firii dhabuurrar darbee dhaloota har'aaf ba'aa guddaa ta'eera.

Yeroo ammaa naannoo Amaaraatti qaamni hidhatee lolatti seenee qaama gaaga'amni waraanaa naannicharra darbee biyyatti fiduu hinhubanneefi machiin dhuunfatame ta'uu himanii, naannoona Amaaraa naannoolee lola Kaaba biyyattiittu mudateen hubaman keessaa tokko ta'uunsa osoo beekamu madaa dabalataaf lola banuun aantummaa dhabuuraa kan maddu ta'uu ibsaniru.

Naannoo kanatti qaama hidhatee socho'uun olaantummaan seeraa gaaffii keessa galuunsa bubbulu kaasanii, har'a garuu qaamni kun erga ifatti waraana banee



carraan marii dhaphaa waan ta'eef bifa of eeganno qabuun olaantummaa seeraa gara mariitti geessu kabachiisuun dirqama ta'uu himaniru.

Mootummaa eeyyama ummatoota biyyattiin hundaa'e maqaa balleessuun ummatoota waliin waan walitti isaan buusuuf akka isaanif tolutti "Mootummaa ABO" jechuufi RIB wabii ummatoota biyyattii ta'e maqaa balleessuun shira hamaa ta'uusaa garaagarummaa ilaalchaa malee hubachuun barbaachisaa ta'uu ibsaniru.

Waldhabbi barootaaf ture walqixxummaa, tokkummaafi obbolummaan goolabuuf waadaa waloo saboota, sablammootaafi

ummattoota biyyattii kan ta'e heera har'a hojirra jiru tumachuu yaadachiisanii, ta'us hanqina heerichaan walqabatee ka'u caalaa heericha qixa sirriin hojiitti hiikuu dhabuun geengoo jeequmsaaf sababa guddaa ta'uu hubachiisaniru.

Akka isaan jedhanitti, waraanni mancaatiifi badii lubbuurra kan darbe nagaa xumura bareedaa hinqabu. Waldhabbi kamifuu mariin heera biyyattiirratti bu'uureeffame dursuu qaba. Namuu hidhatee biyya gooluutti wanti arreeduuf sababnisaa beekamee mariin furamuun qaba. Isa mariif hinbitamne ammoo tarkaanfii seeraan adaba qabsiisuun dirqama mootummaati. Mootummaan mataansaas seera kabajuu qaba.

Yeroo dhiyoo as mariifi filannoo ummataa caalaa afan qawween aangoo dhuunfachuu sochiin gama hundaan taasifamaa jiru aadaa badaa srrachuu qabu ta'uu himanii, jaarraa amma keessa jirru, keessattu haala qabatamaa Itoophiyaa amma jiruun sochiin akkasii dhangalaati dhiigaarr kan darbe herrega kamiinuu kan angotti nama geessu akka hintaane jala sararaniiru.

"Kan mufate hunduu qawwee kaasee Araat Kilootti fiiga taanaan deebiinsaa afan qawwee waan ta'uuf nageenyi biyyaa balaa hamaa keessa seena. Kun ammoo gaaga'ama roga maraa duuba deebisuu rakkisaa ta'etti akka geessuu hubachuun barbaachisaadha" jedhu.



“Raayyaa ittisa biyyaa maqaa balleessuun sabaafi Sablamoota jibbuurraa madda”

- Ustaaz Kaamil Shamsuu

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Ijaarsi Raayyaa Ittisa Biyyaa (RIB) calaqqee saboota, sablammootaafi ummatoota biyyattii waan ta'eef maqaa balleessiin taasifamaa jiru sabaafi sablammootajibbuufi fudhachuu dhiisurraa kan maddu ta'uu Miseensi Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa Ustaaz Kaamil Shamsuu hubachiisan.

Ustaaz Kaamil Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaaf dheengadda akka ibsanitti, maqa balleessiin RIB ajandaa tasaa osoo hintaane jibbiinsa gad fagoo sabaafi sablammootaaf jirurraa kan maddedha. Rifoormii taasifameenis raayyaa saboota hunda bakka bu'u ijaaruun danda'ameera. Ta'us qaamoleen jibba sabootaan machaa'an Raayyaa Ittisa Biyyaa yoo fedhan saba tokko yookaan amantii tokkotti gad xiqqessuu fedhu.

Biyya sabaafi sablammoota fedhii garagaraa qabaniifi haala murteessaarratti argamtu Itoophiyatti RIB'n ala nagaafi birmadummaa kaasuun hin yaadamu jedhanii, raayyan kun akka qaamoleen farra nageenya jedhan osoo hintaane Itoophiyarra darbee nageenya addunyaafuu murteessaadha. Haa ta'u malee, raayyaa ittisaa sadarkaa addunyaattuu maqaa qabu kana maqaa balleessuun gantummaa guddadha.

Biyyi hinjiru taanaan qabsoon yookiin fedhii siyaasaa kamuu bakkaan ga'achuun biddeena abjuuti kan jedhan Ustaaz Kaamil, warri biyya diiguuf yaalanii gootummaa raayyaa ittisaa qabootamaa jiran mataansaanii walwaraansa waliinii uumamuun karaatti citurra darbee fedhiin aango argatan akka hinjirre dubbataniiru.

Akka isaan jedhanitti, lubbuu ofi qabsiisanii biyya balarraa baraaruun akka maqaa balleessuu hinsalphatu. Raayyan ittisaa gurmuu ilmaan namootaa waan ta'eef hanqina qabaachuu danda'a. Haa ta'u malee, faayidaa yeroof miiran oofamanii

Gara fuula 16tti

Haala naannichi keessa jiru labsiin yeroo hatattamaa akka labsamu ka'umsa ta'e

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Haalli qabatamaan naannoo Amaaraa keessa jiru labsiin yeroo hatattamaa akka labsamu ka'umsa sirrii ta'uu Miseensa Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataatti Miseensa Koree Dhaabbi Haajaa Alaafi Nageenyaa kan ta'an Obbo Saadiq Adam ibsan.

Miseensi kun ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaaf kennaniit akka jedhanitti, labsiin yeroo hatattamaa kan labsamu yeroo balaawan namtolchees ta'ee uumamaa kan seerota idileetiin furamuun hindandeenyu uumaman kan labsamuudha. Kana malees, balaan addaa kan mootummaafi biyya qoru yommuu uumamu labsiin yeroo hatattamaa akka labsamu heera biyyattiirratti ifatti kaa'ameera. Haalli naannoo Amaaraas seera idileen to'achuun waan hindanda' amneef labsiin yeroo hatattamaa bu'uura heera biyyattiin labsame.

Naannicha keessatti qaamolee hidhannoos socho'anifii miidhaa dhaqqabsiisanirraa kan ka'e lammileen nagayaan ba'anii galuu akka hindandeenyu eeranii, hoggantoonni mootummaa ajjeeffamuun,



qabeenyi mootummaas ta'ee kan nama dhuunfaa saamamuufi gubachuun, dhaabbileen mootummaas akka hojiisaanii hinhojenneef uguramuun ibsu. Sochiin idilee dhaabbachuurraa kan ka'e bakkaa bakkatti socho'uun rakkisaa ta'us ni kaasu.

Labsiin yeroo hatattamaa mootummaadhaaf filannoo isa jalqabaa hinturre kan jedhan miseensi kun, rakkoon naannicha

keessa ture sadarkaa amma ga'erra osoo hinqaqqabiin marabbaan goolabuuf carraaqpii hedduu mootummaan taasise fudhatama dhabuun haala ammaatti ce'uu yaadachiisaniru.

"Rakkooleen uumaman kunneen ammoo naannicharrattis ta'ee biyyattiirratti kallattii hundaan dhiibbaa guddaa geessisaa jiru. Mootummaan naannichaas rakkoolee mudatan karaa idileetiin furuu akka hindandeenyu beeksisuun labsii yeroo hatattamaa hojirra oolchuunsaa murtoo sirriidha. Mootummaan labsii kanaan lubbuu namoota hedduu du'a oolchuufi qabeenyi akka hinbarbadoofne taasisceera. Haa ta'u malee, labsichaan raayyan ittisa biyyaa gara naannichaatti yommuu seenu rakkoon dhiibbaa mirga dhala namaa akka hinmudanneef of eegganno taasisuun barbaachisaadha" jedhu.

Labsichi labsamee guyyoota sadi keessatti humnoonti naannicha keessatti hidhannoodhaan saamicha raawwachaa turan magaalota gurguddoo gadilakkisanii akka bahan taasifamuun himanii, kun milkaa'ina guddaa ta'uufi hojirra oolmaa labsichaaf lammileen biyyattii hundi, hayyooni, jaarsoliin biyyaafi abbootiin amantii deeggarsa isaanirraa eegamu akka taasisan waamicha dhiheessaniiru.

Ijoo Dubbii

Tokkummaa cimsachuun nageenya tikfachuu

Ummanni Itoophiyaa aadaafi duudhaa waliin jireenyaa baroota lakkofsisan qaba. Ummanni kun qomoo, amantii, ilaalcha siyaasaafi wantoota addaddummaasaa mul'isan qabaatus barootaaf waldanda'eefi walkabajee wajjumaan jiraateera; jiraataas jira.

Keessumaa yommuu biyyi haalota garagaraan rakkoo hammaataa keessa seentu tokkummaadhaan dhaabatee biyyasaa weerara diinaarrraa qolateera. Rakkoleen uumamaafi namtolchee addaddaa yommuu uumamanis wajjumaan duulee injifateera.

Keessumaa ummanni Oromoo aadaafi duudhaa hammachuu qabuun sabootaafi sablammoota biyyattii ofitti qabuun barootaaf jiraateera, jiraataas jira. Ummanni kun bara addunyaan dimokraasi hojjirra oolchuu mitii yaaduuyyu hinjalqabiinni Sirna Gadaa kalaqatee itti bulaa tureen wantoota tokkummaa cimsanirratti hojjetaafi biyya kanaaf gumaachaa tureera, gumaachaas jira.

Gootonni Oromoo karaa qindaa'eefi bittinnaa'een saboota kaan wajjin ta'uun biyya badiirraa baraaruuf qabsoo hadhooftuu taasisaa kan dadhabanitti dhaloota guddisa turan. Qaanqeent qabsoo gootota qaroo ilmaan sabaatiin qabsiifamte wareegama kaffaluun dhalootaa dhalootatti darbaa eerroofi qarreen baallii fudhachuun qabsuu finiinsan.

Qabsoo sababa tokkummaa jabaa, jaarmiyaa siyaasaa cimaafi hoggansa bilchaataa dhabuutiin jaarraa lakkofsise dhaloonni har'aa rakkoo milkaa'u dhabuu mooraa qabsoo Oromoo hubachuun alaafi keessa tokkummaasaa akka sibiilaa jabeessee hoggansa jabaadhaan masakamuun cunqurfamtoota ilmaan sabaafi sablammootaa bilisa baasee injifannoo dachaa galmeessise.

Ta'us har'a gareen finxaaleyyii kanneen walqixxummaa sabaafi sablammootaa, afaanii amantiitti hinamanne, farreen federaaliziimii sabdaneessaa akeeka ka'umsaafi ga'umsa hinqabneef meeshaa waraanaatiin deeggaramanii saamichaafi hookkararratti bobba'aniiru. Kanaanis ummataafi biyya gidiraawan adda addatiif saaxilaniiru.

Keessummaa mirgooniifi faayidaaleen ummata Naannoo Amaaraa kan lammilee kaan wajjin walitti hidhame ta'uun kan beekamu yoo ta'u, murni finxalessaa garuu akka ololasatiif itti toluuf waan ummanni Amaaraa cunqurfame fakteessuuuf wixxirfataa tureera.

Ololliifi hokkarri murnichi ummata naannichaa waraana keessa ture caalaatti gidirsuuuf dhumaatti oofuu kan kaayyeffate ta'uun dhugaadha.

Egaa naannoo kamittuu haa ta'u eessattuu murna seeraan ala meeshaa waraanaa hidhatee mootummaa sagalee ummataatiin filatameefi nageenya booreessurratti bobba'e yeroo dhumaatiif dhabamsiisun biyyas ta'e saba boqochiisun barbaachisaadha. Kanaafis ummatooni biyyattii haaluma barameen ammas yeroo kamuurra tokkummaasaanii cimsatanii aannaniiifi garaa ta'uun mootummaa sagaleesaaniitiin filatan maddii hiriiranii farreen nageenya dhabamsiisun qabu.

Haalaafi sirna siyaasaa amma keessa jirruun gaaffin kamuu deebi'u kan danda'u mariifi marii qofaan ta'u sirriitti hubatee tarkaanfi mootummaan nageenya mirkaneessuuuf fudhatu kamuu onnee guutuufi tokkummaadhaan utubuun nageenysaasaa tikfachuu qaba.

Yaada

Itoophiyaan biyya qormaanni ishee cimsuudha



Itoophiyaan biyya qormaatilee keessaafi alan baroota keessatti ishee muudatan hunda injifanno darbuun tokkummaa ishee eeggattee har'a geessedha. Tokkummaa jabaafi hariiroo cimaa qabaachuu saboota, sablammootaafi ummatootash ee sababoota itti fufinsaafi bu'uura jaba irratti ijaaramuushee mirkaneessan keessa angafummaan kan eeramudha. Kunis, fuuldureefi hireen saba, sablammootaafi ummatoota biyyattii kan walitti hidhate ta'uun kan mirkaneessedha.

Tokkummaan Itoophiyaafi hariiroon ummatootaa bu'uura cimaarratti akka ijaaramu dhaabbilee taasisan keessa Raayyaan Ittisa Biyyaa (RIB) adda durummaan kan eeramudha. RIB hundeffamasaarrraa eegalee saba, sablammootaafi ummatoota biyyaattiiirraa kan hundaa'eefi dhaabbata guddicha tokkummaa biyyalessaafi birmadummaa Itoophiya kabachiisun kan tajaajila tureefi jirudha. Dirqama nageenya kabachiisuu biyya keessaafi sadarkaa idiladdunyaa itti kennamu hunda jaalala biyyaafi gootummaa olaanaan bahachuun injifannoo seenaqabeessa galmeessaa kan ture loltuu ummataati.

Mallattoo tokkummaa Itoophiya isa olaanaa kan ta'e RIB finxalessitooni biyya keessa humnoota alaa waliin qindaa'uun meeshaa le ololaasaanii fayyadamuudhaan maqa balleessiwwan gara garaa irratti geggeessuun dadhabsiisuf yaalanis raayyichi tokkummaa biyyalessummaasaa kan yeroo kamuu caalaa jabeessuudhaan dirqama irraa eegamu sirnaan ba'chuurratti argama. Hundaa ol RIB irratti aggaamuun birmadummaa biyyaa tuquu ta'u hubachuun sirnaan beekamu qaba.

Hireefi abdiin egree saboota, sablammootaafi ummatoota Itoophiya walitti hidhaminsa guddaa kan qabu ta'ee osoo jiruu humni finxalessaa Jaawusaa Naannoo Amaaraatti gaaffii ummataaf kan gurmaa'e of fakkeesee hidhannoodhaan deeggaramee RIB dura dhaabachuu yaaluun naannichaa dirree waraanaa taasisuuf socho'aa tureera, jiras.

Ummanni Amaaraa mirga ofin of bulchuun gonfachuun osoo ofin of bulchaa jiruu waan ummatoota biroorraa addatti gaaffii qabu fakkeessuun gareen burjaajiifi karaa qaxxaamuraatiin aangoo qabachuuf saamicharratti gurmaa'e kun tajaajila hawaas dinagdee naannichaa boodatti deebisurratti argama.

Ummanni naannichaa waraana Itoophiya kaabaa waggoota lamaan darban mudatee tureen rakkooowwan guguddoof saaxilamee turerra osoo

hinbayyanatiin gareen kun irra deebiin naannicha rakkoo jabaaf akka saaxilamu taasisaa jira.

Saboota, sablammootaafiummatoota Itoophiya hundaan walitti hidhamiinsa dhiigaa akkasumas daangaa bulchiinsa bal'inaan kan waliin qoddatu ummanni Amaaraa gareen finxalessaa yeroon dhufu qormaata akka itti ta'uuf yeroo omishaa qonnaa eeggatee danqaa naannichatti ta'aa jiraachuuusatiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa ummata naannichaa ni yaachisa.

Sagalee ummata Amaaraatiinis ta'e saba, sablammootaafi ummatoota biyyakeenyaahundaan mootummaan filatamee hundaa'e karaa walqixxummaarratti hundaa'een fayyadamummaa lammilee mirkaneessuuuf xiyyeefanno hojechuurratti argama.

Humni Finxalessaa Jaawusaa seeneffama qeenxee "Biyyi ani hinbulchine jiraachuu hinqabdu" jedhu qabchuun gaaffii ummataan kan gurmaa'e fakkeessuun fedhi aangoo qaxxaamuraan qabchuuf mootummaa naannichaa diiguufi hookkaraan dhimmota hawaasummaa, siyaasaafi dingdee naannichaa hunkuraan faayidaa ummata Amaaraa miidhuurratti argama.

Jaarria 21ffaa keessa jirru kanattis ta'e yeroo biyyi mootummaa badhaadhinaan hogganamaa jirtu kanatti humna afaan qawweetiin gaaffiin ummata Itoophiyaas ta'e ummata Amaaraa deebi'u kan hinjirre yoo ta'es rakkinooni guguddoofi darrii maqa garee kanaatiin ummata irra ga'u Mootummaa Naannoo Oromiyaa guddaa kan gaddisiisudha.

Waan ta'eefuu, ummanniifi Mootummaan Naannoo Oromiyaa ummataafi Mootummaa Naannoo Amaaraa akkasumas sabaafi sablammoota biroo wajjin ta'uun garee finxalessaa kanarratti qabsaa'uun nagaafi tasgabbii biyya kan mirkaneessu ta'uun cimsee hubachiisa.

Bulchiinsa Mootummaa
Naannoo Oromiyaa



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajji 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata
Piresii Itoophiya
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Adeemsisa Hojii
Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisa:
Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa
Bil. 011-157-02-70

Faaksii Kutaa Ophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et

Ethiopian Press Agency

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lakk. bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Opheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihiun Takilee

ODUU



Doktar Gaarummaa Abdiisa

Doktar Gaarummaa Abdiisa: Hayyuu Moosaajii Afaan Oromoo kalaqan

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Yuniversitii Mattuutti barsiisa Finfiksii kan ta'an Doktar Gaarummaa Abdiisa moosaajii Afaan Oromoo daa'imman barsiisuuf bifa adda ta'een akaakuu barnoota garaagaraarratti hundaa'uun hiika jechoota kenu hayyuu kalaquu danda'anidha.

Abbaan kalaqaa kun yaada dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennani, gaaffiilee bu'uura Oromoona kaasaa ture keessaa inni tokko gaaffi afaansaan barachuuti jedhanii, mirgi afaan ofin barachuu argame kun qofaasaa ga'aa waan hintaaneef Afaan Oromoo guddatee afaan saayiinsiif teknolojii akka ta'uuf hawwii guddaa qabaachuu dubbatu.

Afaan bu'uura guddina waa maraa ta'uun himanii, kalaqawwan garagaraarratti waggoota 16 ol dabarsanis waa'een Afaan Oromoo guddisuu kun xiyyeffannoosaanii isa jalqabaa ta'uusaan alatti boqonaa sammullee akka isaaniif kenu dubbatu.

Kalaqawwan garagaraa hanga ammaatti hoijetan bu'aaf osoo hintaane deeggarsa malee tattaaifi issaaniif hiriyootasaaniin hojjechaajiraachuu himanii, kalaqawwan kanneen hawaasa biraan ga'uurratti Biirroo Barnoota Oromiyaa galateeffataniiru.

Afaan Oromoo guddatee sirna addunyaa keessa seennaan hawaasa biyya keessaa mitii hawaasni idil addunyayyuu gabaa barbaacha dhufuuf dirqamaan kan jedhan Doktar Gaarummaan, ogummaan baratan injinariingi moosaajii ta'uun baatus Afaan Oromoo akkuma afaan Ingilizii afaan saayiinsiif teknolojii ta'e wayita barreeffamu illee dogoggaa qubee uumamu moosaajii namatti agarsiisu uumuu hawiisanii ittaanu ta'uun himaniru.

Erga Afaan Oromoo, keessattuun naannoo Oromiyaa keessatti afaan hojifi barnootaa akkasumas afaan barreeffamaa ta'e bubbuleera jedhanii, waan gama hundaanuu hanga ammaatti hoijetame bakka tokkotti argachuu moosaajiiwwan issaaniif miiltowwansaani hoijetan furmataa ta'uun ibsanii.

Yeroo ammaa kan sirna barnootaa haaraan walqabatee hanqina kitaabaa jiru furuuf Biirroo Barnoota Oromiyaa walta'uun kitaabilee barnootaa kutaa 4ffaakaakuu barnoota garaagaraa hunda moosaajii kanatti fayyadamuun bifa moobaayiliifi kompitaraan barataaf dhyeessuuun akka danda'ames dubbataniiru. Moosaajii kanaan barnootni suursagaleen waan dhiyaateef namni kompitara yookiin moobaayiliifi hinqabne filaashiin foddaa televizyiniirrati illee dubbisuu akka danda'u yaadachiisaniru.

Kuusaa jechoota 'jechiiki' jedhamu haala dhiyeessiif qabiyyeessaan adda ta'e hojjechuu hayyooti yuniversitichaakaakuu barnoota garaagaraa barsiisan hirmaachuu eeranii, kun ammoo hiikni jecha tokkoo akkuu barnoota garaagaraa keessatti adda adda ta'uusaa hubachuu shoora guddaa gumaacheera jedhu.

Sirna Gadaa: Sirna sagalee caalmaan osoo hintaane haqaan murtoo kenuu

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Oromoona saba qaroomaa waggoota hedduu dura sirna bulchiimsa mataasaa tumatee ittiin bulaa as ga'edha. Umriinis ta'e duudhaalee of keessatti hammatuun Sirni Gadaa sirna dimokraasiif addunyaan faarsuun yoo walbira qabamu fardaa lafa. Mootummaan naannoo Oromiyaas gara duudhaa ganamaatti deebi'uun fala ta'uun amanee sochii eegaluunsa sababa quubsaa kanaan walqabata.

Pirezidaantiin Waldaa Maccaafi Tuulamaa akkasumas, Hayyuun Seena Obbo Dirribii Damusee yaada Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf torban kana kennani, Sirni Gadaa falaasama gad fagoofi dhugaa waloo qabuun sirna dimokraasiin waldorgomsiisunun nama rakkisa jedhanii, sirna dimokiraasiif keessatti dhugaan namoota muraasaa sagalee namoota wayyabaan wayita aguugamu Sirna Gadaa keessatti garuu haqa malee sagalee caalmaan murteessaa akka hintaane dubbatu.

"Sirna Gadaatiin Oromoona hunda caalaa dhala namaaf kabaja guddaa waan kennuuf nama dhugaa qabuun, biyyatu murteessa, dhugaa kee dhiisii sagalee caalmaaf bitami hinjedhu. Dirqiin nama amansiisuuun akka yakkaatti ilaalamu. Namni dhugaa lafa jirus amanee yoo fudhachuu dide yeroon kennameef miiltoosaa waliin ibsi kennameef akka amanu taasifama malee akka sirna dimokraasiif dirqiin amansiisuuun

hinjiru" jedhu.

Buusaa gonofaa, tajaajila lammummaa, mana murtii aadaafi gaachanni sirnaa, duudhaalee Oromo murteessoo ta'uun eeranii, falaasamni duudhaalee kunneen duuba jiranis haalaan gad fagoo waan ta'anif yoo karaa guutuun hojiitti hiikan godina roga maraaf shoorri qaban daran olaanaa ta'uun dubbataniiru.

Akka Obbo Dirribii jedhanitti, Sirna Gadaa keessatti walergaarsa akaakuu garaagaraatu jira. Nama balaa uumamaafi namtolcheen qabeenyi jalaa manca'eef deeggarsi taasifamu hirpha jedhama. Nama osoo carraaquo sababa garaagaran hiyyummaaf saaxilamee gadooma keessa baasuuf deeggarsi taasifamu buusaa gonofaa jedhama. Deeggarsa buusaa gonofaa kana keessatti fardaafi gaangee akkasumas lukturraa kan hafe beeyiladoota fedhe kennuun ni danda'ama. Filmaata Gadaa gaggeessuuf buusiin taasifamu kaattoo wayita jedhamu deeggarsi Qaalluufi Qaallitiif taasifamu Qodhaa jedhama.

Oromoona nama sababa garaagaran rakkof saaxilame qabeenyaan tumsuun garasitti nama uumamaan dhala hinqabne "Osso gosa qabduu dhala hindhabdu" jechuun saba dhalasaa waliif gumaachu ta'uun eeranii, dhala durbaa balaa garagaran maatiidhabde cidha guddaa qopheessee "Sirna daara baasuu" jedhamuun ofitti fuudhee akka ilmoosaatti akka guddisus ibsanii. Sirna akkasii Oromoorraa kan hafe sabni kamuu akka hinqabnes himaniru.



Obbo Dirribii Damusee

Mana murtii aadaa ilaachisee jaarsi murtii laatu yoo xiqaate waggoota 16 oliif gulantaa garagaraa keessatti qarama kan jedhan hayyuun seenaa kun, duudhaalee ganamaa kana karaa guutuun bakkatti deebisuuf itti gaafatamni guddaan mootummaarraa waan eegamuuf jalqabbi jiru gabbisuun barbaachisaa akka ta'es yaadachiisaniru.

Ilmaan Oromo, keessattuun dhalootni qubee sirna ganamaa dhiigaan deebifate kana caalaa qaroomina gad fagoo sirni qabu waan hincitne taasisuuf hojiin hubannoo uumuu hawaasaaf kennamaa jiraachufi dhaabbilee gargaarsaarras deeggarsi walitti qabamaa jiraachuu eeraniru.

Affaaritti hoomaan hawaannisaa miidhaa dhaqqabsiisaa jira

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Weerarri hoomaa hawaannisaa naannoo Affaaritti mudate omishaaleefi biqilotarraan miidhaa dhaqqabsiisaa jiraachuu Biirroon Qonnaa, Qabeenyaa Umamaafi Beeyladaa naannichaa beeksise.

Biirichatti Daarektarri Eegumsa Biqilotaa Obbo Habiib Abdalla Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kaleessa akka ibsanitti, hoomaan hawaannisaa Galaana Diimaa irraa ka'e Fulbaana 15 bara 2015 irraa eegalee godinaalee Affaar daangaa Tigrayitti argaman weeraree miidhaa dhaqqabsiisaa jira. Hoomaan hawaannisaa kun aanaalee 15 naannichaa keessatti biqilotaa soorata gaalaafi re'ee ta'an akkasumas biqiltuuwan sagantaa ashaaraa magariisaan dhaabamanirraan miidhaa guddaa qaqqabsiisaa jiraachuu ibsanii.

Weerarri hawaannisaa kun wayita bakkeewwan omishaaleen qonnaan bulootaa ga'an itti sassaabamaa jiranitti mudachuunsa omishaaleerratti miidhaa ni qaqqabsiisa sodaan jedhu jiraachuu himanii, miidhaa hanga ammaatti ga'eefis ragaan walitti qabamaa jiraachuu



Hoomaa hawaannisaa

dubbataniiru.

Mootummaan naannichaa Ministeera Qonnaa waliin ta'uun Adoolessa 18 bara 2015 irraa eegalee hoomaa hawaannisaa kana qolachaa jiraachuu himanii, hoomaan hawaannisaa kun Affaaritti miidhaa dhaqqabsiisuuuf ture to'aachuu danda'ameera. Ministirri Qonnaas deeggarsa ogeessotaa, xayyaaraafi keemikaalaa taasisaa jiraachuu ibsanii.

Hoomaa hawaannisaa kana guutummaatti balleessuuf naannoo Tigiraay waliin qindoominaan hojjechaa jiraachuu himanii, mala aadaanis duula walirraa

hincitne taasisuuf hojiin hubannoo uumuu hawaasaaf kennamaa jiraachufi dhaabbilee gargaarsaarras deeggarsi walitti qabamaa jiraachuu eeraniru.


Gama biroon bakka hawaannisni itti wal horu, akkamittiifi yoom akka walhoru ilaachisee ogeessotaaf leenjiin hubannoo gabbisuun kennameen bu'aa abdachiisaan argamaa jiraachuu himanii, hawaannisni bakkinni qabtu yoo itti tole buuphaa buusuun achumatti waan walhoruuf ummatni of eeggannoofi tumsa barbaachisuu akka taasisuuf dhaamsa dabarsaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Hagayya 6 Bara 2015

**Argannoowwan
haaraa seenaa
aartii dhagaarraafi
fakkiiwwan
holqoota keessaa**

fuula 10



fuula 6

**Barsiisummaa yunivarsiitiirraa hanga
barruulee addunyaaf galtee ta'e qopheessuutti
kan geesse, Doktar Asteer Tasfaayee**



**Baayoo teknolojii
fayyadamuu,
omishaafi
omishtummaa
dabaluuf**
fuula 9



**Wabii Kabbadaa
Barkeessaa:
Barreessaafi taatoo
ijoo tiyaatira 'Ganamee'**

fuula 11

KEESSUMMAA BARIISAA

Barsiisummaa yunivarsiitiirraa hanga barruulee addunyaaf galtee ta'e qopheessuutti kan geesse, Doktar Asteer Tasfaayee

Waasihun Takileetiin

Dacheen Oromiyaa, Godinni Shawaa Kaabaa qe'en Janaraal Taaddasaa Birruu Aanaa Waacaalee Jiddaa, Gandi Xiqqoo Sayyoo mucaa xiqqoo addunyaaf guddoo taate ilaalcha gadi qabaa dubartootarra jiru cabsuu dandeessuufi dhiiraan qixa hojjechuun madda qorannoo hayyuu dhaloota qartu halkan tokko nuuf arjoonteceti.

Ilaalcha gadi qabaa dubartootarratti fe'amee jirurraa kan ka'e dubartiin eessa geessi yaada jedhuun fagoo deemanii ofirra darbanii biyya ofif bu'a buusuu kan danda'an hedduun osoo jiranii karaatti kan hafani tokko lama miti.

Keessummaan keenya torbee kanaammoo ilaalcha gadi qabaa dubartootarratti fe'amee jiru kanarratti hadheffattee qabsaa'uun miira ni danda'amaa hojitti hiikuun seenaa kan hojjette yoo taatu shamarree maatiinshee qonnaan bultoota ta'an ganda baadiyyaa, keessatti dhalattee bu'a ba'ii hedduu keessa dabartee dubartootaaf fakkeenyaa taatedha.

Kutannaan shamarree kanaa gorsa Janaraal Taaddasaa Birruun ichimamtee, ilaalcha gadi qabaa beekumi dubartii golaa olitti jedhu, dhiiraan qixa hanga addunyaaf galtee ta'anitti ta'u qabatamaan kan agarsiiste fakkeenyummaanis kan kaatu Doktar Asteer Tasfaayee keessummaa Gaazexaa Bariisaa godhanneerra. Seenaa Doktar Asteer, akkamiin barruulee addunyaaf galtee ta'e qopheessuutti akka dandeeseehi hojileeshee biroorrattis turtii waliin taasifneerra.

Bariisaa: Doktar Asteer eenyu? Eessatti dhalattee guddatte?

Doktar Asteer: Ani intala qonnaan bulaa abbaakoo Obbo Tasfaayee Hordofaafii Haadhakoo Aadde Tsaggaayee Daargeerraa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Wacaalee Jiddaa Ganda baadiyyaa Sayyoo jedhamtu keessattin dhaladhe.

Bariisaa: Haalli guddinakee baadiyyaa maal fakkaata?

Doktar Asteer: Haalli guddinakoo akkuma ijoolle badiyyaa kamiyyuu hamma umuriinkoo barnootaaf ga'utti hojji humnikoo eeyyameen maatikoo tajaajilaan guddadhe.

Bariisaa: Umuriin kee barnootaaf akkuma gaheen mana barumsaa sadarkaa 1ffa eessatti eegalte? Sadarkaankee akkam ture?

Doktar Asteer: Dhugaa dubbachuuuf miiri kutannaan ganamuma qabu daran cimaa ture isa kanaafimmo galtee kan naaf ta'e gorsa Janaraal Taaddasaa Birruu dhalooni hinbaranne mirgasaaif hinfalmatu jedhu sana natti fakkaata. Kutaa tokkoffaa Mana Barumsaa Iluu Kuraa Sadarka 1ffa kii loomeetira 30 miilaan imaleen barachaa ture.

Barnootakoo akkuman jalqabeen sadarkaa keessan ba'aa ture. Kanaaf sababa kan naaf ta'emmo obboleessakoo hangafaati. Baradhee bakka guddaa ga'uu akkan qabu nagorsaa ture, heerumee karaatti akka hinmafne gorsa Janaraal Taaddasaa Birruu dhalootaaf olkaa'en akkan guddachuu qabu na taasiseera.

Bariisaa: Mana Barumsaa Iluu Kuraatti hanga meeqaatti baratte?

Doktar Asteer: Obboleessi kiyya kutaa

12 xumuree barnoota kollejjiif biyyarrraa fagaachuusaan maatiin kiyya barnootarrraa akka na hinkunneef adaadaakootti imaanaa nakenne. Haaluma kanaan magalaa Muka Xurrii Mana Barumsaa Muka Xurrii Sadarkaa Tokkoffaatti kutaa 2ffa hanga 5ffa baradhe.

Obboleessikoo kollejjiirraa barsiisummaan eebbfamee akkuma deebi'een bakka inni hojjiif itti ramadame Aanaa Kuyyuu Mana Barumsaa Leemmaan Sillaaseetti kutaa 6ffaan baradhe. Duubarra obboleessi koo Aanaa Waacaaleetti jijjiiramnaan Muka Xurrii deebi'een kutaa 7-8 achittan fixe.

Kutaa 8ffaatti parsantaayili 95 fideen qabxii olaanaadhaan kutaa 9ffatti darbe. Sadarkaankos akkuman dura siif kaase 1-3 gadi bahee hinbeeku fedhiin ani barnootaaf qabu dachaan dabala ga'umsikoos humnaa ol dabala kutaa sagal gale.

Bariisaa: Mana barumsaa Sadarkaa 2ffa qophaa'ina eessatti baratte? Barnoonni akkam ture?

Doktar Asteer: Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffa hanga qophaa'inaa Muka Xurrii Mana Barumsaa Raggasaa Wayyeessaatt xumure. Mul'annikoo imaanaa obboleessikoo natti laate "jabaadhuu baradhu bakka guddaa geessa" jedhu sana milkeessuun ilaalcha gadi qabaa shamarranirra jiru cabsuudha. Kanaaf obboleessakoo hingaressu, hojjechuun qaba ejjennoo jedhuun tattaafadhee qabxii gaarii fideen yunivarsiitii seenee.

Bariisaa: Yunivarsiitii eessaa? Muum mee malii siga'e?

Doktar Asteer: Kutaa 12ffa akkuman xumureen Yunivarsiitii Arbaaminci Damee Teknolojii Bishaanii, Muum mee Injinariingii Qabeenya Bishaanifi Jallisi (Water Resource And Irrigation Engineering) gale.

Akkuma beekamu Yunivarsiitii Arbaaminci akkuma baha Afrikaatti Teknolojii Bishaanii beekamti guddaa kan qabudha, anis baran yunivarsiiticha galee bara 2000 kaasee of kennee barachuun caalee argamuuf hojjetaan ture.

Bariisaa: Turtiin jirenya Yunivarsiitii Arbaaminci akkam ture? Akkam simatamte?

Doktar Asteer: Dhugaa dubbachuuuf qophaa'ummaa ani barnootakoo qabu cimaata'uus qormanni natti baay'atee ture. Haalli qilleensaa achi ture ulfataadha; Kanarraa kan ka'e hedduu nadhukkuba ture.

Waggaa jalqabaa barnootakoo dhukkuba jijjiirama haala qilleensa walqabatee namudateen wal'aansoo walqabaa jirenya yunivarsiitii dhandhamaan ture.

Bara 2000 semisteera 1ffa fixee 2ffa natti dhukkubiin walqabatee qabu cimaata'uus qormanni natti baay'atee ture. Haalli qilleensaa achi ture ulfataadha; Kanarraa kan ka'e hedduu nadhukkuba ture.

Qormataa addaan kutee guyya saddeetiif akka malee dhukkubsadhee riifariitiin gara Finfinneetti akkan dhufu ta'e. Kanarraa kan ka'e barnootakoo addaan kuteen yaalarran ture.

Of duubatti deebi'eellee sababa dhukkubaan addaan kutukoof beeksuu dadhabeen abdi kutannaan keessa galeen ture.



Surri: Bariisaa Sanbataa

Bariisaa: Barnoota keetti akkamii deebiteree?

Doktar Asteer: Yunivarsiiticha keessatti waanin beekameef waggaa itti aanutti deebi'ee barnootakoo akkan eegalu natti himame. Kanarraa kan ka'e osoo hinbaratiin qormataa nadarbe sana mara deebi'een qoramee warra bara 2001 Yunivarsiitii seenan waliin barnootakoo itti fufe.

Bariisaa: Waggaan tokko erga sitti dabalam ee barumsakee waggaan meeqatti xumur?

Doktar Asteer: Dhukkubbii namudaterraan kan ka'e waggaan ja'aaf barnootakoo hordofeen dhukkubakoof osoo hinjilbeeffatiin qabxii gaarii fideen eebaaf ga'e jechuudha.

Duubarra dhukkubiif bu'a bahii jirenya yunivarsiitii ulfaataa ta'e sana dandamadhee shamarran yunivarsiiticha keessatti qabxii gaarii galmeessisanii barsiisummaadhaan achitti hafan keessaa Doktar Asteer ishee tokko ta'u dandeesseetti jechuudha. Muum mee keenya kana jalatti anaafi hiriyoonnikoo shamarranii lama barsiisoota shamarranii jalqabaa taane tajaajiluue eegalle.

Bariisaa: Digirii jalqabaan Injinariingii Qabeenya Bishaanifi Jallisiin erga eebbfamteee Yunivarsiitii Arbaamincitti qacaramtee hammamiif hojjette?

Doktar Asteer: Waggaan lamaaf ergan tajaajilee booda Digirii koo lammaffaa achuma Yunivarsiitii Arbaamincitti Muum mee 'Irrigation And Drainage Engineering' n eebbfameen hojji barsiisummaa koo ittan fufe. Xiyyeefannoobarnoota digirii koo lammaffaa kun ogummaa injinariingii bishaaniratti kan xiyyeffatedha.

Waggaa lamaaf ji'a sadiif ergan barsiisee booda carraaqqi gara garaa taasiseen carraa digirii sadaffaa ykn doktireetummaa argadhee baradheera.

Bariisaa: Duubarra Doktireetummaalee argachuun baratteetta carraa kana akkamii argatte? Eenyu sideeggare?

Doktar Asteer: Carraa barnoota

doktireetummaa kana carraaqee kan argate anuma. Dhaabbilee garagaraa waliin hojjechaan ture; waliis barreessaan ture. Deemsaa keessa Yunivarsiitii Finfinnee Moora Araat Kiilotti Ogummaa Hooggansa Qabeenya Bishaanii (Hydrology And water Resource Management) hordofuun jalqabe.

Bariisaa: Meeqa taatanii barnoota doktireetummaa kana eegaltan?

Doktar Asteer: Barnoota kana yeroon yaadadhu anaanuu na dhiba. Sabnisaas ijoolee kudha afur taanee erga eegallee saddeet qofatu eebbfame; kanneen hafan addaan kutaniiru.

Eebbfamtoota saddeet kana keessaas shamari ana qofadha. Yeroon taa'ee yaadus shamari dhiiraan qixa hojjechurra dabartee dhiiraal ol hojjechu akka dandeessu kanan itti mirkanefbadhedha. Beekumi dubartii golaa olitti osoo hintaane hundaa olidha jedhamee sirrachuu mala.

Sabnisaas dirree addunyaa dubartootaa yeroon ilaallu dubatoonni bakka hunda galanii jijjiirama fiduu akka danda'an, biyyasaanii maqaa waamsisu akka danda'an qabatamaan argaa jirra.

Biyya fagoo deemuu hinbarbachisu dubatoonni keenya hawaasummaa, siyasa, dinagdeefi hojji mara keessatti hirmaachuu jijjiirama olaanaa galmeessisa jiru kun ammaliee cimuu qaba. Kun ilaalcha gadi qabaa dur ture kan cabsaa jiruufi ga'umsa dubatoonni qaban kan agarsiisudha.

Bariisaa: Barnootakee akka addaan kuttu sakaallaan siti ta'e jiraa laata?

Doktar Asteer: Dhugaa dubbachuuuf yeroon sadarkaa 1ffa barachaa ture maatiinkoo akkan heerumu barbaadu. Nan yaadadha jaarsi guddaa tokko mana keenya dhufanii intala kana ilmakoo fuusifachuun qaba jedhee dudubbata turan. Guyyaa sana abbankoos baacoo fakkesee dubbata ture. Haata'uutii obboleessi kiyya hinheerumtu barattee lafa yaadde erga geesse booda niqaqqabdi jedhee

KEESSUMMAA BARIISAA

Barsiisummaa yunivarsiitiirraa hanga...

na humneessaa ture.

Shamran hedduu baratanii bakka guddaa ga'uu osoo danda'anii heerumsiifannee gammachuu keenya dhandhamna ilaachaa jedhuun cabanii golatti kan hafan hedduudha; kun ammallee irratti hojjetamu mala.

Bariisaa: Maatiinkee sadarkaa amma ati irra geesse kana gaafa argan maal jedhu, maaltu isaanitti dhaga'ame?

Doktar Asteer: Jalqaba haatikoo humna guddaa naaf taateetti jechuu nan danda'a. Sababnisaas abbaakoo caalaa ijoollee jiran mara kunuunsaa, hojji mana keessa hojjechaa yeroo nu guddistu dubartoonaaf wanti dadhabamu hinjiru miiri jedhu na keessa buleera.

Kanarria kan ka'e kufee ka'e lafa yaadako ga'eera; shamran biroofis fakkeenya ta'eera. Kunimmoo maatiikoo daran gammachiisa. Kanaaf ammallee fayyadamummaa dubartoonaaf, hirmaannaa isaan gama siyaasaan, hawaasummaafi dinagdee keessatti qaban dachaan akka dabaluuf irratti hojjetamu qaba.

Bariisaa: Gara barnoota keettin sideebisaati, waraqaan qoranno doktireetiikee maalirratti hojjette?

Doktar Asteer: Jijiirama haala rakkoo qilleensa walqabatee omishaafi omishtummaa akkasuma qabeenya bishaaniirratti qaqqabu (Climate Change Impact On Agriculture And Water Resource Management) irrattan hojjedhe.

Bariisaa: Giddugalli ati qoranno itti gaggeessite eessa? Quranicha akka gaggeessituuf maaltu si kakaase?

Doktar Asteer: Haroo Baatuurrattan hojjedhe. Isa kanaaf sababa kan naaf ta'emmo itti fayyadama haroo sanaa, omishaafi omishtummaa gamasitti galmaa'aa jiruuf faallaa kanaammoo miidhaa haroo sanarratti qaqqabaa jirurraati xiyyeffateetidha.

Bariisaa: Bu'aaleen qorannoofi qo'anno akka Itoophiyaatti hojjetamu hedduunsa shelfii guuturraa kan hafe rakkoo hawaasaa furuurratti hagas mara bu'aa hinbuusan jedhama. Kan kee kun bu'aa buuseeraa laata? Galtee ta'ee tajaajilaa jiraa?

Doktar Asteer: Bu'aan qorannookoo rakkoo jijiirama qilleensa mudataa jiruun omishaafi omishtummaan kana malees qabeenyi bishanii keenyallee dhuma jiraachuu qabatamaan agarsiiseera. Isa kanaafimmo gorsitoonnikoo hordoffi naaf taasisaa turan sirriitti ragaa naaf bahu. Kanarria kan ka'e bu'aan qorannookoo rakkoo kan furu ta'ee tajaajilaa jiraa.

Bariisaa: Gorsitoonnikkee wayita qoranno taasistu hordoffiif deggarsa ogummaa siif taasisaa turan kana malees bu'aa qorannokeef humna siif ta'an eenyuu fa'i?

Doktar Asteer: Doktar Olqabaa Tolasa, Doktar Abbabaa Damisseefi Doktar Xannaala Alimirrawufaati. Beekumsa ani ofi qabu akkumajirutti ta'ee deggarsaafi gorsa garagaraa naaf laachuu warreen humna naaf ta'an kana malees hayyota kabajni maluufiida.

Bariisaa: Bu'aa qoranno rakkoo hiikuun danda'u qopheesseera jettaa? Bu'aa akkamii buuseera?

Doktar Asteer: Bu'aan qorannookoo warreen imaammata qonnaa baasaniif, itti fayyadama bishaaniirratti warreen hojjetaniif, warreen misooma qonnaa jallisiirratti bobba'anif galtee jijiiramaa ta'e tajaajila.

Bariisaa: Qoranno Haroo Baatuurratti



gaggeessaa turterraa maal hubatte?

Doktar Asteer: Itti fayyadami bishaanii jallisiif oolaa jiru baay'ee qisaasa'aadha. Lakkofsi namoota jallisiif fayyadamanii hedduudha. Kana malees wayita bishaan obaaasan hanga hinqabu hamma ijjisaanii quufutti waan obaaasiif takkaan haroon sun akka dhumatu taasisaa jira. Humnaa ol wayita obaaasan ammo biyyeen dhiquamun, gabbina biyyee keessatti bigiltootaaf gargaaran fixu. Kanarria kan ka'e bu'aan omishaa akka xiqaatu taasisaa jira.

Bariisaa: Itti fayyadama bishaanii humnaa ol ta'e kanaan walqabatee rakkoon mudataa jiru biraan argannookeetiin mirkanaa'e jiraa laata?

Doktar Asteer: Jijiirammi qilleensa fakkeenyaa hongeen hammaachuu walqabatee dhufuu haroon sun akka hurku hangi bishaanii akka xiqaatu taasisaa. Kana malees humnaa ol jallisiif wayita waraabaniit ammas hangi bishanii ni hir'ata. Kanarria kan ka'e lubbuqabeeyyi bishanicha keessa jiraatan kan nyaataaf oolan kan akka qurxumii dhuma jiraachuu argannookoon mirkanaa'eera.

Kanamalees akkuman dura siif kaase callaan kuduraafi muduraa darbees omishoota garagaraa bishaan jallisiif humnaa oliin misooman biyyee jalaa dhiquun callaan akka hir'atu taasisaa jira. Kanaaf itti fayyadama bishaanii keenya madaalawaa gochuun teknolojii qonna ammayyaan deggaramuu murteessadha jechuudha.

Bariisaa: Bu'aan qorannokee akka Afrikaattilee tajaajilaa jiraachuu, atis waltajjii garagara argatterratti deemtee dhiyeessuun beekamtii argateetta jedhama dhugaadhaa?

Doktar Asteer: Eeyyee Afrikaa Kibbaa, Taanzaaniyya Aruushaa, Taayilaandillee deemeen argannookoo dhiyeessera. Shamarree qorattuu olguddatoo keessa ishee tokko ta'eera.

Yeroo ammaattis yunivarsiitiwwan biyya keessaafi alaa, dhaabbilee garagaraa walii

keessaaf natu Carricha argatee waahilakoo Yunivarsiiti Kolombiya waliin hojjechuu danda'e. Sanuummoo shamarra ta'ee carraa akkasi argachuukoottt biyyakoorra darbee Afrikaa bakka bu'ee addunyaaf galtee ta'uu danda'uukof nan gammada.

Bariisaa: Bu'aan qophii barruulee kanarraa argatte jiraa laata? Moo dhamaatee duwwaadh.

Doktar Asteer: Hamma tokko argadheera; garuu quubsaadha jechuu hindanda'amu. Waan hundi adeemsaan milkaa'a; guddaa hojjetanii xiqaqa argachuun jira, xiqaqa hojjetanii guddaa argachuunis jira. Dhimma yeroo yoo ta'een alatti duuniyas argachuun hinoolu.

Ana garuu maallaqa naaf kaffalamu caalaa wanti nagammachiisu yoo jiraate beekumsa horadhe bifa barruuleen qopheesee dhaloota na duuuba jiru ijaaruudha; sun fedhiikoo isa olaanaadha.

Bariisaa: Fuuldurattis dabalaataan barruulee gara garaa qopheessitee dhiyeessuuf hojjetaa jiraachuu odeeefanneerra, kun maalirra jira?

Doktar Asteer: Dhugaadha, ogummaa qabeenya bishaaniif jijiirama haala qilleensa walqabatee ammas wantan hojjechaa jiru jira. Barruuleen kun Itoophiyaaf qofa osoo hintaane addunyaaf galtee ta'ee tajaajila. Haata'u garuu hamman hojjiitti hiikee argamutti ibsuu hinbarbaadu.

Bariisaa: Mee gara barsiisummaakeettin sideebisa, barsiisummaan siif maalidha?

Doktar Asteer: Barsiisummaan anaaf Ofirra darbanii biyya ofiif ibsaa ta'anii jiraachuudha. Dhalootaaf madda beekumsaa ta'uudha, ogummaa kabajamaa itti boonamudha.

Bariisaa: Dhamaatee barsiisummaan qabuufi galii inni ji'an argamsiisu akkamii madaalta?

Doktar Asteer: Isa yoo dubbachuu baanne wayya. Barsiisanan dhamaatee guddaa dhama'ee galii inni argatu gadaanaadha. Fakkeenyaa yoo fudhatte barsiisanan tokko digirii jalqabaan miindefamee miindaa xiqaan hojjeta. Digirii lammaffaaasaa yoo xumure miindaan dabalamuuf kuma lama hincalu. Doktireetiisa yoo hojjetes jijiirama hinqabu.

Kanaaf barsiisummaan barnootaan of ijaaru, dhaloota tajaajiluu yoo ta'een alatti gama galii miindaan yoo madaalle mana kira kaffalatee maatii jiraachisuu miti ofi jiraachuufuu rakkisaadha.

Bariisaa: Fooya'u mala kan jettu yoo jiraate?

Doktar Asteer: Xiyyeffanoon ogummaa barsiisummaa yunivarsiitiif kennamaa jiru ammallee fooya'u mala. Mootummaan damee kana yaadachuu, fulasaa garasitti deebisu qaban jedha.

Sababnisaas hayyonni ga'umsa qaban hedduun barsiisanii dhaloota jijiiruu osoo danda'anii galiinsanii xiqaachuurraa kan ka'e biyyaa ba'u. Ogummichi dhalootaan jibbamaa dhufa. Kana malees gara hojji dhiisutti deebi'u; kun furamu mala.

Bariisaa: Turtii yerookeef galatoomi; qorattuu biyyarra dabartee addunyaaf galtee jijiiramaa taatu akka taatu siif hawwina.

Doktar Asteer: Isinis galatoomaa, keessummaa Gaazexaa Bariisaa gootanii waan na affeertaniif deggarsa ogummaa naaf taasistanifi ulfaadhaa.

Ilaamee...

Ibsa qajeelcha ajaja walii galaa labsii yeroo ariifachiisaarrraa kennname

Qajeelchi ajaja walii galaa labsii yeroo hatattamaa erga hundaa'ee torban kan caale yoo ta'u, hojiisaa boqonaa tokkoffaa roobii darbe qoratee murtoowwaniifi ajajawwan addaddaa dabarseera.

Karoori boqonaa tokkoffaa ajajichaa magaalota Baahirdaar, Dabramaarqoos, Dabrabirhaan, Laallibalaalaa, Goondariifi naannawaa Shawaa Roobit garee saamichaaf balleessiif gurmaa'uun bobba'e rukutuun iddoowan kanneen gara nageenya idileesaaniitti deebisuu ture.

Bakkeewwan kenneen kan filatamaniif ummanni hedduun iddo jiraatu, yaa'insi daldalaafi turistiif waan itti hedummaatuufi giddu gala indaastiriif siyasaasaa ta'uusaaniirraa ka'uunidha.

Bu'uura kanaanis magaalota jahanittuu gareen badii kun meeshaa lafa kaa'ee akka harka kennuuf carraa kennameefitti fayyadamuun waan hindandeenyef tarkaanfiin irratti fudhatameera. Olaantummaan seeras akka kabajamu ta'era. Ummanni naannichaas garee saamichaaf bobba'e kanaan waan miidhameef itti aareera, kanaafis qaamolee nageenyaaf tumsa barbaachisu taasiseera. Kanaafis ajajichi uummataa naannichaaf galata dhiheessa.

Yeroo ammaa kanatti magaaloni saamtotarraa bilisa ba'aniru. Raayyaan Ittisa Biyyaaf qaaqoleen nageenya naannicha, saamtotta hafan qulqulleessuurratti argamu. Hawaaasni, odeeaffanno kenuun waan danda'an maraan hojji kana tumsuurratti argamu. Gareen finxaaleyyii mo'ames, bakka tokko tokkotti bakka hambaaleen argamaniifi dhaabbilee amantiitti seenuu

dhokachuuf yaalii taasisaa jira.

Raayyaan Ittisa Biyyaaf qaaqoleen nageenya naannicha karaa seera, naamusafi hamilee egeen itti gaafatamummaa isaanii ba'aa jiru. Hojiin itti aanus, yeroo dhumaatiif hojji qulqulleessuufi funaanu raawwachuu, magaaloni yeroo gabaabaa keessatti gara nageenya waaraatti akka deebi'an ni taasifama.

Bu'uruma aangoo labsii yeroo ariifachiisaaf kennameen, ajajaan qajeelcha waliigalaa, hanga ammaati magaalaa Finfinneetti shakkamtoota 14 to'anno jala kan oolche yemmuu ta'u, gara fuulduuattis namoota to'anno jala oolaa ilaalchisuun odeeaffanno barbaachisu ummataa biraan kan geenyu ta'a.

Boqonaa jalqabaatiin karoori qabame, magaalota garee saamtotarraa bilisa baasuuf xumuramaa waan jiruuf,

1. Kamisa Hagaya 4 irraa eegalee magaalota araaan olitti eeraman balallii xiyyaraa idilee akka egalu murtaa'eera.

2. Bajaajiifi Doqdoqee irraa kan hafe tajaajilli geejjibaa magaalotaa hundumtuu gara hojiitti ni seenu.

3. Dhaabbileen mootummaafi uummataa, daldalli, fayyaan, faayinaansifi kenneen biroo tajaajila akka kennan ni taasisamu. Ummanni biyyattiis, finxaaleyyiifi saamtotarraa of eeguu, qaamolee nageenya walii ta'uun, tumsa taasiseef ajajichi irra deebiin galata dhiyeessa.

Dhorkaawwan ajaja walii galaa labsichaan lakkoofsa 1 Labsii nageenya ummataa eeguuf mana miree ministirootaan bahe labsii lakkoofsa 6/2015 keeyyata 5 bu'ureeffachuun qajeelchi ajaja walii galaa labsichaah dhorkaawwanifi ajajoota araaan gadii daangesseera.

1. Magaalota Baahirdaar, Goondar, Dabrabirhaan, Dabramaariqoos, Shawaa Roobit, Laallibalaatti dhaabbileen tajaajila ummataa kennan kan mootummaas ta'e dhaabbileen daldalaa Hagaya 04, bara 2015 irraa eegalee banaa akka ta'an ajajameera.

2. Magaalota Baahirdaar, Goondar, Dabrabirhaan, Dabramaariqoos, Shawaa Roobit, Laallibalaatti hanga Hagaya 17, bara 2015tti daangessi yeroo kaa'ameera. Bu'uura kanaanis konkolaatttoni tajaajila fayyaa tasaa kennan ogeeyyiin tajaajila kana kennaniifi qaamoleen nageenya hojji kana tumsanii alatti namniifi konkolaataan kamuu halkan saatii 1'n booda socho'uun dhorkaadha.

3. Eeyyama ajajichaan ala magaalota Naannoo Amaaraatti, walghaifi hiriirri adabaabayii dhorkaadha. Akkasumas gama kumiinu soochi geejjibaa ummataa gochi danquu dhorkaadha.

4. Naannoo Amaaraatti qaamolee nageenya kabachiusuf socho'aniin alatti meeshaa waraanaa qabatanii argamuun dhorkaadha.

5. Naannichatti Hagaya 4, bara 2015 irraa eegalee hanga 17 bara 2015tti soochiin baajajiifi doqdoqee dhorkaadha.

6. Baajaajiifi mootoraan ala magaalota kanneen keessatti dhaabbileen tajaajila geejjibaa Hagaya 4, bara 2015 eegalee tajaajila kennun dirqama ta'uuh hubachiiseera.

7. Labsii yeroo ariifachiisa jala gugachuun ajaja qajeelcha ajajichaan ala nama hidhuufi hiraarsuun, manneen daldalaa saamsuuf wantoota kana fakkaatan raawwachuu dhorkaadha.

Dhimmoota araaan oilliti eeraman hojiirra akka oolchanif qindeessitoota seeraaf qajeelchi kennameera.

Hagaya 03, 2015

Finfinnee

Ajaja olaanaa labsii yeroo ariifachiisa

Labsii Yeroo hatattamaa ba'e kanas Manni Maree Bakka Bu'oota Ummataa akka qoratee murtoo dabarsuuf manni marichaa misesensotasaaf waamicha walghaifi ariifachiisa dabarseera.

Manni marichaa yeroo ammaa boqonnaarrak jiru yoo ta'u qajeelfamniifi dambiiwwan walghaifi ariifachiisaan yoo jiraate Af-ya'iin mana marichaa walghaifi ariifachiisa waamuu akka danda'an bu'uura taa'een manni marichaa Hagaya 08, bara 2015 sa'a 8 irratti walghaifi ariifachiisa waameera.

Miseensonnis guyyicha ganama keessaa sa'aati 2:30tti achitti argamuusaanii gabaasuu akka qaban manni marichaa ergaa kan dabarse yoo ta'u labsii yeroo ariifachiisa darbe qorachuun murtee akka dabarsuus ni eegama.

"Maniin finxaaleyyii Itoophiyaa sabdaneettii har'aa yoo danda'an gara duriitti deebisuu yoo milkaa'uu baatemmoo akka diigantu gochuudha"

- Obbo Hayiluu Addunyaa

Hogganaan Biirro Kominikeeshini Oromiyaa Obbo Hayiluu Addunyaa galmi finxaaleyyii olaantummaa kanaan dura dhaban deefchuu, eenyummaa sabaafi sablammootaa balleessuu, fedhiisaanii humnaan ummataa Itoophiyaa irratti fe'uuf sochaa'aa kan jiran yoo ta'u, yoo kun milkaa'uun baate biyya diiguuf keessaafi alaan qindaa'anii hojjetu jedhan.

Qaamotni ilaalcha biyya nuti hinbulchime biyya taatee ittifufuu hindandeesu jedhu qabatanii socho'an kun sirna qabsoo sabaafi sablammootaatiin kufe kaasuu bakka duraatti deebisuu kan abjootaniidha jedhan.

Itoophiyaan biyya saba, sablammootaafi uummatoota hedduuti. Biyya akkanaa keessatti ammoo sirna dimokiraasi dhugaa diriirsuu walqixummaa sabootaa dhugoomsuu tokkummaa biyyolessaa cimsuu murteessaadha.

Ijaarsi biyyaa caasaaleefi bu'uuraalee mootummaa tajaajila kennuuf isa dandeessisu diriirsuudha. Ijaarsa sabaanis walqabatee biyya kana keessatti mul'ata waloo ijaaru, eenyummaa waloo gabbisuun kan walqabatudha.

Ijaarsa biyyaa kana keessatti akkaataa eenyummaan waloo ijaaramuu qabaatu irratti yaadota garaa garaa jechuun yaadni tokko biyya sabaafi sablammootaa, afaan, duudhaan, eenyummaan garaa garaa jiru keessatti biyya jabduu eenyummaa waloo ijaaruun hin danda'amu waan ta'eef hedumminaa kana dhabamsiisanii gara tokkotti fiduu ilaalcha jedhudha. Inni biraar garummaa jiru akkuma jirutti keessummeessuun ni danda'ama garaa garummaan akka idaatti osoo hintaane akka carraatti fayyadamanii biyya jabduu ijaaruun ni danda'ama kan jedhuudha.

Ilaalchi jalqaba kun baroota hedduu biyya keenya keessatti yaalamee hinmilkoofne kan jedhan Obbo Hayiluu Finxaaleyyii har'a socha'an kun ilaalcha kana humnaan biyyarratti fe'uuf kanneen



abjootan ta'u eeraniiru.

Mootummaa jijiirama cabinsa siyaasaa kanaaf boqonaa xummuraaran gahuuf Komishiini araaraa biyyalessaa hundeessee marii furuuf hojjetaa jira. Kunis gaaffilee siyaasaa karaa nagaa deebisuu, badiifi cunqursaa seenaa keessatti mudataa ture boqonaa xummuraa itti gochuuf hojji gurguddaan hojjetamaa bakka jiranitti, finxaaleyyiin adeemsaa kana qormaata keessa galchuuf socho'aa jiru jedhan Obbo Hayiluu.

Humnoonni finxaaleyyiin kun adeemsaa mootummaan karaa araaraafi waliigaltee biyyalessaa eenyummaa waloo gabbiisuu deemaa jiru kana sabdaneessummaa eenyummaa sabootaa balfuun, ilaalcha jibbinsaa, ilaalcha anaaf malee, anaan malee qabatan, dorgomanii ajandaa gurguratanii gara aangootti dhufuu waan hindandeenyef karaa jeequmsaa, burjaajii uumuun sabaafi sablammoota gidduutti wal shakkii uumuu, fedhii isaanii humnaan ummataarratti fe'uuf socho'aa jiru.

Ilaalcha "Itoophiyaa jecaan Amaaraa; Amaaraa jecaan Itoophiyadha" jedhuuf ijaarsa biyyaa kana keessatti sabaafi sablammootni gahee hin qaban, seenaa hin qaban, jedhuun jeequmsa kaasuuun mootummaa sagalee ummataan filatame kana dorgomanii gara aangootti dhufuu waan hin dandeeyef yeroo garaa garaa ajandaa burjaajessoon miiraa ummataa kakasuu keessatu Naannoo Amaaraa keessatti keessaafi alaan duula maqa balleessi gaggeessanii abjuu olaantummaasaanii galmaan ga'uuf kan deemaa jiran ta'u ubsaniru.

Maniin humna finxaaleyyii inni biraajeequmsa sabaafi amantaal irratti xiyyeffate walirruu hin cinne kaasaniibootni akka wal shakkan taasisuu, diinota Itoophiyaa seenaa keessatti beekaman dantaa isaanii akka galmaan gahan taasisudha.

Humni finxalessaa kun saba diina jedhee akka diinaatti farraje irraatti miidhaa geessisu haa ta'u malee dhumarratti deebi'ee of nyaata kan jedhan Obbo Hayiluu Finxaaleyyiin Afaan Oromoo dubbatan Shaneen immoo humna nageenya kun diina daangaa ce'uun ummatarratti qaaxxessu qolachuuf akka ummataaf hinqaqqabneef dhukaasa itti banuun miidhaan akka gahu taasisuu eeraniiru.

Haata'u malee diina daangaa cabsee dhufu kana ummatni taa'ee hin ilaalle milishaafi caasaa nageenya qabu wajjiniin diina kana haleele ofirraa deebisuu danda'uus eeraniiru.

Kanaaf finxaaleyyiin Afaan Oromoo dubbatanis Afaan Amaaraa dubbatanis galmi isaanii tokkuma farra sabdaneessummaa, biyya diiguu ta'u isaati jedhan.

Kanaaf ummatni Oromoo garaa garummaa tokko malee keessatis alatti ilaalchaafi gocha humna finxaaleyyiin dura dhaabbachuu, tokkummaasaa sabaafi sablammii hunda hammachuu seenaa keessatti qabu cimsuu humna finxalessaa diina isa miidhuuf socho'u kana ofirraa qolachuuf qaba, abjuun humna finxaaleyyii kun abjuu ta'e hafuu akka hafu gochuuf qaba.

Finxaaleyyiin ajandaa jibbinsa, olola sobaa miidiyaalee qabaniit fayyadamuun kan tamsaasan waan ta'eef, hawaasni odeeaffanno sobaa finxaaleyyiin akka hinburjaajofne miidiyaaleen biyyatti odeeaffanno qulqulluu hawaasa biraan gahuu akka qabaatanis dhaamanii.

Kominikeeshini Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Abbaa Sa'aa



Baayoo teknolojiiidhaan omishtummaa dabaluuf irratti hojjetamuu qaba



Baayoo teknolojii fayyadamuu, omishaafi omishtummaa dabaluuf

Saamraawiit Girmaatiin

Inistitiyuutiin Qorannoo Qonnaa Itoophiyaa teknolojiwwan omishaafi omishtummaa dabalu jedhee amanu qorannoo garagaraa taasisuun qonnaan bulaa biraan ga'at ureera. Teknolojiwwan xiyyeefannaadhaan irratti hojjetu keessaa ammoo baayoo teknolojiin isa tokko. Teknolojiin kun lubbu qabeeyyiin faayidaa kennan akka dabalanif sanyii fooyyeessuurratti kan hojjetamudha. Dhimma kanaafi hojiilee inistitiyutichi hojjetu ilaachisuun Daarektarri inistitiyuutichaa Doktar Fatoos Esmoo dhiyeenya kana Gaazexaa Bariisa walii gaaf deebii taasisanii turan.

Akkasaan jedhanitti, baayoo teknolojiin waggoota dheeraaf inistitiyuticha keessatti ittiin hojjetamaa ture. Hiikkaansaas amaluma lubbu qabeeyyiitii fayyadamuun bu'aa irraa argachuudha. Fakkeenyaaaf raacitiin mana baay'ee keenya keessatti faayidaarra oolu baayoo teknoloji keessa jira. Yeroo ammaa namoonni baayoo teknoloji orgaanizimootta sanyiin dhalootasaani fooyyeeffame (Genetically Modified Organism - GMO) qofa jedhanii fudhatu. Garuu waan baay'ee of keessaa qaba.

Akka agarsiisaatti baala muka tokkoo fuudhuun amala garagaraatiin baay'isanii mukuma isa haadhoon walfakkaatuufi dhibeerraa qulqulluu ta'een baay'isuun baayoo teknoloji ta'u himanii, inni 'GMO' jedhamu lubbu qabeeyyi tokko irraa gara biraatti jiinii dabarsuu jechuu akka ta'u himu. Akka fakkeenyaaattis baakteeriyaarrraa jiinii fuudhanii boqolloo keessa galchuu bu'aa teknoloji kanaa akka ta'u dubbatu.

"Asirratti maaliif galchine kan jedhu ilaalu qabaanna. Inni kun jiiniidhuma dabarsuu osoo hintaane rakkoorraa ka'a. Jiinii baakteeriya keessa jiru lubbu qabeeyyi dhibee fidan yonnaatan ni du'u. Qorattooni kana ilaalanitu jiinii sana baakteeriyaarrraa fuudhanii gara boqollootti dabarsan. Sanyii haala kanaan argame yoo ilbisoonni kan nyaatan ta'e sababa jiiniin baakteeriya keessa jiruuf ni du'u jechuudha. Akkasumas dhibeen illee miidhuu hindanda'u. Yeroo baay'ee omishoonni akkanaa kan

*Wayita amma omishni
dachaan dabaluu
qabu kanatti sanyiwwan
fooya'oo garagaraa
qorannoong deggaraman
qonnaan bulaa biraan ga'uun
keessumaa biyyoota akka
Itoophiyaa guddinarra jiraniif
murteessaadha*

balaaleeffatamaniif jiiniin ilbisoota ajjeese kun namarrattis dhiibbaa fiduu danda'a sodaa jedhuuni" jedhu.

Ta'uus teknolojiin kun Amerikaa keessa gara waggaa 30 turuu himanii, namoonnis itti fayyadamanii hanga ammaatti wanti irratti dhufe akka hinjirre ibsu. Sanyii akkanaa qopheessuun kan barbaachiseef boqolloo ilbisoonniif dhibeen hinmiine uumuuf ta'uufi ilbisoonni keemikaalaan

illee du'u didan yommuu mudatan carraan jiru boqqolloo dhaburra mala kana fiduu akka ta'u hubachiisu.

Gama kanaan teknolijichi hanga jiinii sirreessuu (Jean Editing) qaqqabuu kan ibsan daarektarri kun, kana jechuun bakka wayii keessaa jiinii kutanii baasuu ta'u dubbatu. Fakkeenyaaaf jiinii boqqolloo fudhachuun waan keessa jiru tarreessanii barreessuuf osoo yaallee kitaaba jildii 40, fuula kuma tokko qabu ba'uun akka danda'u himanii, kana keessaa kutaadhumma muraasa kutanii baakteeriya sanatti galchuun baayoo teknoloji akka ta'e ibsu.

"Garuu jijiiramni dhufu olaanaadha. Namoonnis kanuma ilaaluunii miidhaa fiduu danda'a sodaa jedhu kan qabaniif. Jiinii tokkorraa tokkotti darbuun kun uumamaanis ni jira. Garuu mala namtolcheetiin gaafa ta'utu nama keessatti shakkii uuma" jedhu.

Akka ibsa Doktar Fatoott teknolojiin kun sadarkaa Itoophiyaatti eegalamuu qabatamaadhaan sochiwwan tokko tokko eegalamaniiru. Akkuma irranatti ibsamuu yaalameetti omishawwan dhibeefi ilbisoota dandamaton hojjeturrti, damee biqiltuu tokkoo muranii biqiltuu hedduu akka ta'u taasisuun ni hojjetama. Kunis biqiltuuwan kanneen akka buna, muuzii, anaanaasiif kanneen biroorratti ni hojjetama. Kana malee 'GMO' kan jedhamuun sanyii boqqolloo tokko yaaliirra jira. Itoophiyaa keessa billaachi boqqolloo nyaatu tokko seenusaatiin kana balleessuuf sanyii boqqolloo kana dandamatu qopheessuun dirqama. Kanaa achi boqqolloo omishuu dhiisuu ykn kemikaala garmalee itti fayyadamuun miidhaa dhufu dandamachuu qofatu filmaata. Kanaaf yaaliin taasifamaa jira.

Xaafirratti ammoo akka lafa hindhoofneef jiinii kuffistu sana keessaa baasuun sirreessuun akka danda'amuufi yaaliitti jiraachuu eeranii, teknoloji kanaan guutuuti sanyii omishatti seenee ture jirbii ta'u himu. Akka waliigalaatti garuu yaaliwwan muraasni jiraatanis baay'inaan itti akka hindeemamne kaasu.

Teknolojiin kun biqiloota qofarratti osoo hintaane beeladootarrattis kan hojjetu ta'u

himanii, isa kana hojiitti hiikuuf garuu naamusnisaakka dhorku himu. Biyyoota kaanitti garuu fakkeenyaaaf jiinii hoolaa kutanii hoolaa isa fakkaatu tokko gochuun hojjetamuusaafi taknolojii kana namarrattis hojjechuun akka danda'amu kaasu. Kana garuu seeraan kan dhoowwame waan ta'eef akka itti hindeemamne eeru.

Inni biqilootarratti hojjetame akka barbaadametti qonnaan bulaa biratti fudhatama argachuun kan dhabeef sababoota lamaan ta'uun kan ibsan Daarektarri kun, Inni jalqabaa inistitiyutichumti haala barbaadamuun itti hojjechuun dhabuusaa ta'u kaasu. Sababnisaa ammo teknolojiin hojii kanaaf gargaaru gara biyya kanaa dhufee waan hinjirreef ta'u himu. Inni biraan ammoo kanneen 'GMO' fudhachuurra harka dhibba keemikaala itti biifuu wayya jedhanii fudhatan jiraachuufi dhiibbaa keemikaalli sun fidu hubachuu dhabuun yaada kana kaasan jiraachuu ta'u eeranii, warri keemikaala omishanis bu'aan omishasaanii akka gurguramuuf waan barbaadaniif fudhatamummaa akka hinargannef kan iratti hojjetan ta'u kaasu.

Ammara waan biyya keenyatti hangas mara hinjirrerratti baay'ee dubbachuu hinbarbaachisu yaadni jedhu waan jiruufis hojii hubannoo uumurratti xiyyeefatamee hojjetamaa akka hinturre himanii, wayita sadarkaa yaaliirra darbee hojii bu'a qabeessatti seenamu garuu bal'inaan akka iratti hojjetamuufi hangasitti garuu sochiidhuma muraasa jiru miidiyaan adeemsaan hubannoo akka uumuuf fooramii miidiyaan hundeefamee hojjetamaa jiraachuu kaasu.

Walumaagalatti, wayita amma omishni dachaan dabaluu qabu kanatti sanyiwwan fooya'oo garagaraa qorannoong deggaraman qonnaan bulaa biraan ga'uun keessumaa biyyoota akka Itoophiyaa guddinarra jiraniif murteessaadha. Kanaaf mootummaanis dhimmichaaf xiyyeefanna keennee deggaruu, hayyooni damichaas hubannoo uumurratti cimanii hojjechuun irraa eegama. Miidiyaanis gabaasawwan dhimma kanarratti qophaa'an kan ogeessoota ykn qorattootaan deggarama taasisuun burjaaji jiru qulqulleessurratti hojjechuun qabu.

AADAIFI AARTII

Argannoowwan haaraa seenaa aartii dhagaarraafi fakkiiwwan holqoota keessaa

Kutaa 4ffaa

Aartii Dhagaafi Fakkiiwwan Holqoota Oromiyaa

Aartiin dhagaa Oromiyaa duudhaa aartii diimame yoo ta'u, sulula, tulluuwaniifii gaarreen naannawaa holqa ishee keessatti argama. Hanga ammaatti iddoowwan 127 muraasa qofatu argame. Fakkiiwwan kunneen qubaan kan raawwataman yoo ta'u, halluu adiin, diimaafi gurraacha kan raawwatamanidha.

Aartiin dhagaa barsiisa ta'us, hiikni mallattoo tokkoon tokkoon isaanii kan jalqabame qofaan adda baafamuu kan danda'u ture. Namoonni alaa dhimmoota dibaman kanneen akka Sattawwaafi Arbaa arguu danda'u, garuu hiika fakkeenyaa dhoksaafi barsiisa dhimmoota kana keessatti koodii ta'e keessa seenuu hindandeeny. Aartii dhagaa adamsituu, walitti qabaa beekamaa Oromoo jedhamuun alatti, Oromiyaan duudhaa aartii dhagaa boodarra qonnaan bultoota afan Oromoo dubbataniin hojjetaman hedduu qabdi. Duudhaalee kana keessaa bal'inaan kan uwufameefi baay'ina iddoowwaniitiin aartii dhagaa Oromiyaa.


Aartiin yeroo hunda kan dibame kun, kutaa guddaa baha Oromiyaa keessatti babal'atee argama. Aartiin dhagaa Oromiyaa fakkiiwwan dhagaa iraa halluu isaatiiniis ta'e bifa isaatiin salphaatti adda baafama. Irra caalaa halluu diimaa, adiifi gurraachaa kan raawwatamu yoo ta'u, furdina qubaan kan dibamudha. Darbee darbee, pigmentiiwwan diimaafi gurraachaa ni fayyadamu, yeroo baay'ee akka faaya dizaayinii adiifi jalqabaa irratti. Piigmentiin adiin bifa suphee ta'ee gaarreen, tulluu fagoo ta'aniifi lageen naannoo Oromiyaa jiran hedduu keessatti argamudha.

Filannoont adiin akka halluu olaantummaa qabuutti amala duudhaa aartii dhagaa kan qonnaan bultoota Afan Oromoo dubbataniin yoo ta'u, dhugaa dubbachuuuf, aartiiwwan dhagaafi fakkiiwwan holqa keessatti dibamuun halluu diimaa, adiifi gurraachaa kunneen afaaaniin Oromoona faajji Abbaa Gadaa jedhamuun kan beekamaniidha. Hanga ammaatti bakkeewwan aartii dhagaa Oromiyaa qorataman 127 ta'an argamaniiru.

Aartiin kun yeroo duraafi yeroo boodaa jedhamee qoodama. Aartiin jalqabaa bineensota bosonaa adda addaa kan akka Arbaa, Leenca, Gadamsa, Qeerransa, kan agarsiisu yoo ta'u, dhimmi olaanaan garuu Sattawwaadha.

Aartiin kun hundi jechuun ni danda'ama naannoo gaara fagoofi dhokataa ta'e keessatti gaaddisa dhagaa gurguddaa keessatti dhokatee jira. Aartiin kun tuuta geengoo giddugaleessaatii dachaa sararoota qaxxaamuraatiin walitti makaman of keessaa qaba. Qorattooni akka agarsiisanitti geengooni kun manneen jireenyaa bakka bu'u: manneeniifi kuusa midhaanii naannoo loonii giddugaleessaatii akka gubbaa iraa mul'atutti diriire. Yeroo tokko tokko, godoo tuqaadhaan bakka bu'a; yeroo biraa immoo geengoon gurgurame naannoo loon geengoo ta'etti qubeelaa godoo kaasuuuf itti fayyadama.

Bakka loon halkan itti boqutan, wiirtuu mana jireenyaa sanaa keessa jira. Saratoonni qaxxaamuran daandiifi daandii loonii mana jireenyaa adda addaa walitti hidhu bakka



bu'u. Yeroo baay'ee daandiin bocame kun akka waan gadi bu'iinsi kun boolla bishaanii loon dhuguuf deeman kakaaseetti, dhagaa sana qaxxaamuree gara gadi bu'iinsa geengoo dhagaa keessatti mul'atutti qilleensa'a. Bocawan akkaataa qubsuma harki guddaan isaanii bifa addaa 'akkaataa loon giddugaleessa' kan qubsuma Oromoo adda ta'e hordofu. Naannawaaleen bocaan kun itti argaman irratti, kan akka tulluufi gareewwan ala jiru irratti, iddoowwan muraasni agarsiisan jiru bocawan akkaataa qubsumaa kanneen haala qindaa'ina isaanitiin caalaatti fakkaaten. Kanaaf gaarreewan, tulluuwaniifii holqoota Oromiyaa tokko tokko gareewwan Baha Oromiyaa waliin walitti dhufeeyna cimaa keessa jiraachaa turan duudhaa aartii dhagaafi fakkiiwwan holqaa kana waan fudhatan fakkaata.

Aartiin dhagaa qonnaan bulaa Oromiyaa sirna eebbaa wajjin irra deddeebiin walqabsiisuu isaa yoo ilaalle, sirni eebbaa tokko haala kumiinuu boca kanaanis kan walqabatu ta'uun isaa waan hinoolle fakkaata. Kunis kufaatiin duudhaa aartii dhagaa kanaa ibsuu danda'a. Aartiin ji'oomeetirii yeroo hunda ol'aantummaa qabaatus, duudhaan lamaan akka lamatti waliin deemu: yeroo hunda walitti dhihoo kan argaman yoo ta'u, haala muraasa qofa keessatti garuu bakka tokkotti waliin argamuun danda'u. Lamaanuu raabsa waliigalaalaa walfakkaataa keessatti kan argaman yoo ta'u, naannawaan kun bosona roobaa giddugaleessa Itoophiyaa marsee kan jiruufi olaantummaan aartii dhagaa ji'oomeetirii naannolee Oromiyaa, Kibba, Tigrayiifi magaalaa Dirree Dhawaa, aartii dhagaa Oromiyaa keessaa kanneen biroo irraa adda kan taasisu yoo ta'u, hundinuu faallaa kanaatiin, bineensota buruushiin dibaman,

Aartiin dhagaa godinoota Oromiyaa kun tarrii aartii dhagaa Afrikaa hunda keessaa isa beekamaafi hubatamaa ta'uun danda'a. Qorattooni waggoota kurnaniif aartiin kun galmeec jirenyaa guyyaq guyyaq ykn gosa falfala adamsuu isa jalqabaa qofa akka ta'e aman turan. Barri sun bara 'ilaaluufi

tilmaama' ture, yeroo namni aartii wanti ifa ta'e aartii fakkeenyaa addunyaa hunda keessaa isa walxaxaafi ullaataa ta'edha. Artistooni kunneen muuxannoo isaanii ibsuuf mul'ata 'bishaan jalaa' fi 'du'an' agarsiisu fayyadamaniiru. Hiikni kunnin gama tokko tokko kan qabatu yoo ta'u, miira namatti dhaga'amudha. Artistooni kun addunyaa hafuuraa keessattis gocha agarsiisu, kan akka bineensa roobaa qabachuu, fayyisuu keessatti ykn diina ykn humnoota balaafamaa ofiraa ittisuu humna isaanii hojirra oolchuu.

Garuu aartiin kun galmeec imala hafuuraa qofa irraa fagoo ture. Wantoonni humna guddaa qaban kan akka dhiga halluuwan sana keessa kaa'aman kanaaf tokkoon tokkoon fakkii kuufama humnaa akka ta'uufi. Dhaloonni artistoota tokkoon tokkoon isaanii dhagaa irratti aartii marsaa marsaan yeroo dibu ykn bocu, iddoowwan hafuuraa humna qaban umuu turan.

Aartiin Qaroominaa Seenaa Oromoo Duraafi Fakkiiwwan holqa Keessaa

Gareen tiksitootaafi qonnaan bultootaa Oromiyaa gareewwan adamsitootaa walitti qabattoota caalaa duudhaa aartii dhagaafi fakkiiwwan holqa irratti bobba'aniiru, garuu duudhaan tokkoon tokkoon isaanii bakka muraasatti argamu. Akkaataa idileetti tokkoon tokkoon isaanii iddoowwan dhibba muraasa irratti kan argaman yoo ta'u, akkuma jirutti kuma hedduutti osoo hintaane dhimma duudhaa adamsituu walitti qaba.

Duudhaan tiksitootaafi qonnaan bultootaa Oromoo halluu gurraacha, diimaafi adiisiisaanii akka isa jalqabaa fayyadamuun kan barbaadan yoo ta'u, yeroo baay'ee pigmentiin kun buruushiin fayyadamuun caalaa harkaan kan dibamuudha. Gareen tiksitootaafi qonnaan bultootaa hedduun aartii dhagaa hinhogenne, kanaa mannaa aartii sirna isaanii meeshaa salphaatti dhokfamuun danda'u kan akka fakkii mukaa, supheefi fakkii godoo irratti hojjechuu filataniiru. Itoophiyaa keessatti gaarreen Oromiyaa shaakala aartii dhagaafi fakkiiwwan holqaatin beekamadha. Gaaddisawan aartii dhagaafi fakkiiwwan holqa dibaman godinaalee Oromiyaa keessatti jalqaba Dh.K.D. bara 1300 hanga 5500 irraa eegalee suuraa dhagaafi holqa keessatti kan kaafaman yoo ta'u, galmeec kana keessatti fakkiiwwan haaraa walduraa duubaan mul'achuu akkasumas, suuraawwan durii yeroo hunda irra deebi'anii dibuu arguu dandeenya.

Fakkiiwwan kunneen qubaan halluu diimaa, adiifi gurraachaa kan dibamaniidha. Fakkiiwwan kunneem fakkiiwwan abbootii namaadda addaa, haguuggii fuulaa, meeshaa waraanaa, meeshaalee aadaa qaamaa, bofaafi fakkiiwwan addaddaa kanneen biroo kanneen Oromoof hiika koosmooloojiifi seenaa qaban agarsiisu. Qorannoont aartii dhagaa dhiheenya kana madaallii ragaa yaada godaansaa deeggaruuf duudhaan aartii abbootii isaanii duudhaa aartii dhagaa ji'oomeetirii ta'a ture. Sochiwwan dhiheenya kanaa, walitti qabama aartii dhagaa ji'oomeetirii haaraa fakkaatuun walsimsiifama yeroo dheeraa dura aartii ji'oomeetirii hojjechaa akka turan ragaan seenaa nama hawwatu jira. Qorannoont aartiiwwan dhagaa kanaa seenaafi hambaalee keenya durii ilalchisee hubannoo hawwataa nuuf kenna.

Nasir Ahmadiin (Qorataa Holqaa)

Itti fufa

Qarreefi Qeerroo

Wabii Kabbadaa Barkeessaa: Barreessaafi taatoo ijoo tiyaatira ‘Ganamee’

Natsaannat Taaddasaatiin

Dargaggo Wabii Kabbadaa Barkeessaa Godina Wallagga Bahaa, Aanna Digga, Magaalaa Arjoo Guddattuutti dhalatee guddate. Barootasaa sadarkaa tokkoffaa bakkuma dhalootasaatti, sadarkaa lammaffaifi qophaa’inaa akkasumas Kollejii ammoo Magaalaa Naqamteetti barate.

Inistiitiyutii Aartii Oromiyaatti carraa barnootaa argatee tiyaatiraifi filmi barateera. Yeroo ammaa barsiisaafi taatoo ijoo tiyaatira ta’ee hojilee guguddoo hojjechaa jira. Dargaggoon kun yeroo ammaa tiyaatira matadureensaa ‘Ganamee’ jedhu kan seenaa dhugaarratti xiyyeffate barreessee, qajelchee akkasumas taatota keessaa tokko ta’uun irratti hirmaatee eebbaaf qaqqabsiiseera.

Kana malees Seenaa Oromoortt qoranno adeemsisuudhaan kitaaba asoosamaa matadureensaa ‘Irbooricha’ jedhu barreesseera. Gaafdeebiin Gaazexaan Bariisaa dhimma Aartii Oromoortt dargaggo kana waliin taasise akka armaan gadiitti dhiyateera.

Bariisaa: Hojilee gama ogbarruutiin hanga ammaatti gumaachiteefi karoora kee egeree otoo nuu eertee?

Dargaggo Wabii: Gama ogbarruutiin kitaaba asoosamaa matadureensaa ‘Irbooricha’ jedhu kan seenaa Oromo jarraa 16ffaarratti xiyyeffatu tokko barreesseera. Kitaabni kun bara 2014 Bishoofutti eebbfamee harka hawaasaa gahe. Kitaabichi dubbistootaaifi ogeessota ogbarruutiin jaalatumummaa guddaa argateera. Kitaabaa asoosamaa filatamaa jedhamunis barana 2015 ‘Oda Award’n badhaafameera.

Namni ogbaruu yeroo hundaa ni barreessa, ni dubbisa, beekumsa uumamaan keessoosa jiru guddifachuufis ni dhama’a. Kitaaba tokko qopheessuun yoo xiqaatira waggoott shanii ol waan namatti fudhatuuf baay’ee dubbisuuf of qopheessu qaba.

Haaluma kanaan yeroo ammaa hojiwwan hawaasa bira ga’uuf qophaa’an laman qaba. Isaanis Tiyaatira matadureensaa ‘Ganamee’ jedhamuufi filmii guddaa sadarkaasaa eegate tokko.

Bariisaa: Tiyaatirriifi fiilmii barreessiteefi irratti hirmaatte hagami?

Dargaggo Wabii: Jalqaba taatummaadhaanin hojii tiyaatira jalqabe. Hojiin tiyaatiraa ulfaataa ta’uu ergan hojichatti seeneen hubadhe. Ergan ogummichatti seenee waggaa ja’aa ta’eraa. Tiyaatira matadureensaa ‘Dungoo Bilisummaa’ jedhu kan Fiqaaduu Daadhii barreesserratti taatoowwan ijoo ja’aa keessaa Firoomsaa bakka bu’ee taphadheera.

Tiyaatirichi bu’aa ba’ii dargaggeessi Oromo sirna kana dura ture dura dhaabbatee haqasaa falmachuun aarsaa kaffaleen dungoo nuu ibserratti kan xiyyeffatu; tiyaatira seenaa dhugaarratti hundaa’eedha. Fiilmiiwwan gaggabaaboo barreessee dariktarummaafi taatummaan irratti hirmaadheera. Tiyaatira



matadureensaa ‘Cancalli cite’ jedhamurrattis hirmaadheera.

Tiyaatira guddaa matadureensaa ‘Miila Bakar’ kan seenaa dhugaarratti hundaa’e barreessee akka taatoo ijottis irratti hirmaadheera. Tiyaatira matadureensaa ‘Ganamee’ jedhamu kan Hagayya 14, bara 2015 waaree booda sa’atii 7:00tti Finfinnee, Giddugala Aadaa Oromoott eebbfamu barreessee, Daariktara gargaaraifi taatoo ijoo ta’ee irrattin hirmaadha.

Bariisaa: Tiyaatira ‘Ganamee’ qopheessuun yeroo hangamii sitti fudhate? Taatota meeqa hirmaachisa? Qabiyeen tiyaatirichaa hoo maalirratti xiyyeffata?

Dargaggo Wabii: ‘Ganameen’ taatota fiilmii, tiyaatiraifi diraamaarratti muuxannoo wagga dheeraa qaban 52n erga shaakalamuu jalqabee wagga tokko caaleera. Tiyaatirichi seenaa dhugaa intala Oromo Maccaa ‘Ganamee’ jedhamu tan waggoott 185 dura Maccaa keessaa Awurooppaatti gurguramterratti xiyyeffata.

Intalli tun Ganamee Yaa’ii Shaaseeda Odaa jedhamti. Tiyaatirichi bu’aa ba’ii warrishee bara sana baasii itti murame baasuu dadhabanii intallisaanii gurguramterratti xiyyeffata. Ganameen butamtee harka warra garba gurgurutii buutee Gondar, achii ammoo gara Misir geefamte.

Erga Misiritti maqaanshee Faaxumaatti jijiirame. Faransaayitti ammoo maqaanshii ‘Pool Faatimaa’ jedhamte. Tiyaatirichis seenaa intala kanaarratti xiyyeffata.

Tiyaatiricharratti aarsaa ilmi mootii tokko jaalalaaf kaffaluufi garaagarummaa bara sana Sirna Gadaa Oromo keessatti uumamu jalqabeen sirnichi laafee sirni mootii ijaaramuu jalqabuun Maccatti Sirna Gadaarratti kufaati guddaa fideera. Akkuma sirni Gadaa laafee sirni mootii iddo qabachaa dhufeen Macca keessa warra gara Ilmaan Daadhii, gara warra Noolee, Jimmaa, Iluufi Leeqaatti sirnichi guutummaatti diigamaa dhufe. Bu’aa ba’iin yeroo sana warra sirna Gadaa ijaaruufi diiguu fedhan gidduu ture tiyaatiricharratti ni agarsiifama.

Tiyaatirichi falaasamni Oromo malakkaa.

fakkaatu, yeroo rakkatuufi waa dhabu akkamitti akka yeedaleefi ilaachaa sirnoota

Gadaafi Mootii gidduu ture ifatti kan mul’isuudha. Tiyaatira sadarkaa tiyaatirri Oromo irra gahe agarsiisu kana magaalota guguddaa Oromoortt ni agarsiifna.

Bariisaa: Aartiin Oromo yeroo ammaa sadarkaa akkamirratti argama?

Dargaggo Wabii: Bara 1960moota keessa Maammoo Mazammir tiyaatira matadureensaa ‘Barumsa’ jedhu, Doktar Hayilee Fidaa ammoo tiyaatira ‘Bari Birraan Bari’e’ jedhu barreessanii. Qabiyeen tiyaatirroota lamaanii seenaa fi dhugaa hawaasa Oromo keessa jiranirratti xiyyeffatu. Tiyaatirri ‘Dungoo Bilisummaa’ jedhamus dhugaa hawaasa Oromo keessa jirurratti kan xiyyeffatu ture.

Tiyaatirri ‘Miila Bakar’ jedhamus seenaa dhugaafi bu’aa ba’ii gootonni Waraana Calanqorratti diinaan kokkee walqabuun

dabarsanirratti kan xiyyeffatu ture. Tiyaatirri kun seeneffama dharaa ifatti baasuudhaan seenaafi falaasamni hawaasi Oromo waggoott 135 dura qabu maal akka fakkaaturratti ibsuurratti kan xiyyeffateedha.

Tiyaatirri baattuu seenaafi duudhaa sabaaati. Tiyaatirooni kuniin ilaachii Oromo Uumaafi uumamaaf qabu maal akka fakkaatuufi seenaafi duudhaan Oromo kaleessa dabarseefi amma maal keessa akka jiru mul’isu.

Boodarra Dhaabaa Wayyeessaa Tiyaatira ‘Dukkanaan Duuba’ jedhamu barreesseera. Obbo Dimaa Asaffaa, Mootummaa Asaffaa, Hinseenee Makuriyaafa’is tiyaatirroota Afaan Oromoott hiikuufi ofi barreessuun guddina tiyaatira Oromo keessatti gumaacha guddaa taasisaniiru. Tiyaatirri ‘Ganamee’ jedhu tiyaatirri Oromo sadarkaa akkamirra akka gahe ifatti kan agarsiisuudha.

Bariisaa: Fiilmii kanaan dura irratti hirmaatteet hojette yoo jiraate?

Dargaggo Wabii: Fiilmii yeroo dhiyotti eebbfamu tokkoratti hirmaachaan jira. Diraamaa matadureensaa ‘Simboo’ jedhamuufi dhiyeenyatti televiziyiidihaan tamsa’uuf jedhurrattis hirmaachaan jira. Daarektara fiilmiiwwan adda addaa ta’ees hojjechaa jira.

Bariisaa: Garaagarummaan tiyaatiraifi fiilmii gidduu jiru maali?

Dargaggo Wabii: Tiyaatiraifi fiilmii gidduu garaagarummaa guddatu jira. Fiilmirratti hawaasni waan kaameeraadhaan waraabame daawwata. Fakkenyaaf namni tokko fiilmii tokkoratti iyyaa jira yoo ta’e, yeroo namichi iyyu sana kaameeraan afaansaa ykn imimmaan ijasa keessaa ba’u ykn ammoo nama namichi itti iyyaa jiru waraabe taanaan kan daawwannu kan kaameeraadhaan waraabameedha.

Kana jechuun fiilmirratti mirota dhugaa utuu hintaane, mirota kaameeraan nutti agarsiise daawwanna. Taatummaarrattilee fiilmirratti kaameeraadhaaf hojjetta. Kana jechuun yeroo kaameran si dhaabsisu dhaabbachaa, yeroo si hojjechiisu hojjetta jechuudha.

Taatonni tiyaatiraa yeroohunda kallattiidhaan hojiisaanii waltajjiirratti waan dhiyeessanii fiilmii diraamaarraa adda. Tiyaatirratti dhugaafi seenaan hawaasichaa yoomiifi eessatti akka ta’ee guutummaatti waltajjiirraa argita. Fiilmis yoomessota qabaatus miira taatichaa guutummaatti argachuu dhiisu dandeessa. Fiilmirratti bakka kaameran waraabe qofatu ija seena.

Taatonni tiyaatiraa qaama guutuudhaan waltajjiirratti argama. Utuu ergaa addaan hinkutin kallattiidhaan ergaa hawaasaaf dabarsa waan ta’efis fiilmii diraamaarraa adda.

Bariisaa: Rakkoleen aartiin Oromoortt mul’ataniifi furmaata barbaadan yoo jiraatan?

Dargaggo Wabii: Akka waliigalaatti aartiin Oromo sadarkaa abdachiisaarra

Wabii Kabbadaa Barkeessaa...

jira. Waggoota shanii as artii Oromoorratti waan guddaa argaa jirra. Sirboonni Oromoo sadarkaa Itoophiyaafi Gaanfa Afrikaarra darbanii sadarkaa Afrikaatti badhaasaaf kaadhimamanii injifataa jiru. Sirba Guutuu Abarraa ‘Deemi’ jedhu sadarkaa Afrikaatti

badhaafame akka fakkeenyatti fudhachuu dandeenyaa.

Aartiin Oromoo ogeessota muuxannoo artii qaban qofaan utuu hintaane ogeessota ogummaa artii barataniifi qabaniin deggeramee hojjetamaa jira. Aartiin Oromoo yeroo ammaa daarektaroota tiyaatiraifi fiilmii yuniversitoota adda addaarraa eebbfamaniifi taatotaaif wellistoota ciccimoodhaan hojjetamaa waan jiruuf sadarkaa gaariirratti argama. Yoon kana jedhu aartiin Oromoo rakkoo hinqabu jechuu miti.

Aartiin Oromoo keessumaa gama tiyaatiraifi fiilmii hinjira taanaan gatti hinqabu. Tiyaatirriifi aartiin hojii namootni heddu irratti hirmaatan waan ta’eef maallaqaa guddaa gaafatu. Oggaa tiyaatirri dhiyaatu taatota keessaa tokko yoo hafe rakkoo guddaa uuma.

Yoo hudhaalee aartii sakaalan furaa deemne fiilmiihi tiyaatirri keenya yeroo dhiyootti sadarkaa ummaticha madaalurra gaha jedheen yaada.

Bakka shaakalaa dhabuun, namoota fedhii aartii qaban jajjabeessuu dhabuun, hanqinoota artii guutuu dhabuun, leenistoota artii mindeessuu dhabuun hanqinoota artii Oromoorratti mul’ataniidha. Aartii Oromoo guddisuuif rakkolee damicha mudatan furuurratti xiyyeffatamee hojjetamuu qaba. Hoggantoonni Aadaafi Turizimii Oromiyaafi qaamolee biroon deggarsa barbaachisu otoo taasisanii gaaridha.

Artiin dinagdee keenya jijjiiruu, seenaa, aadaafi duudhaa saba keenya beeksisuufi guddisuu keessatti gahee guddaa qaba jedheen amana. Warri ‘Holy Wood’ enyummaa, siyaasafi seenaa saba keessaa banhii maal akka fakkaatu addunyaatti agarsiisa jiru. Siyasni, dinagdeen, bareedinni magalaalaasaanii maal akka fakkaatu filmiisaaniiitii

agarsiisa jiru.

Bariisaa: Aartiin hawaasa bashannansiisaa barsiisuu keessatti gahee akkamii qaba?

Dargaggo Wabii: Waan aartiidhaan dhabne artiidaan deebisnee ijaaruu dandeenyaa. Seena dharaa artiidaan narratti barreefame artiidhumaan dhugaasa baafnee barreessuu qabna. Aartii guddisun dirqama artistootaa qofa utuu hintaane kan lammii hundaati. Aartii kan guddatu qindoomina ogummaa, maallaqaa, beekumsaafi kkfnii.

Aartiin meeshaa humna guddaa qabuudha. Aartiin ergaa mi’awaa namni salphaatti irraa baratuudha. Aartiin haala salphaan hawaasaaf ergaa dabarsuufi dammaqsuurrattis humna guddaa qaba. Humna guddaa kana sirriitti dhimma itti ba’uuf hunduu gama gamsaatiin tumsuu qaba.

Hojii aartii itti dhama’amee hojjettee daawwataafi dubbisaan hinjira taanaan gatti hinqabu. Kanaaf, daawwataafi dubbisaan artii jajjabeessuudhaan, qeequufi yaada ittikennuudhaan qoodasaa bahachuu qaba.

Bariisaa: Xumurarratti yaadaafi ergaa dabalataa yoo qabaatte?

Dargaggo Wabii: Ergaan koo xumuraa taatotaaifi. Artistrooni keenya hangafoonni utuu jirenya qananii jiraachuu qabaniif otoo hinguutiiniif darbanii. Artistrooni keenya har’as nama isaan jajjabeessu dhabuudhaan abdi kutachuu danda’u. Waan itti dhama’anii hojjechaa jiraniin garuu siidaa seenaa ijaraa jiru. Siidicha maallaqa itti argachuufi ittiin beekamuuf utuu hintaane, afaan, aadaa, duudhaafi seenaa hawaasichaa guddisuuif gatti kaffaluu qabu.

Artistrooni Oromoo hundi yeroo hundumaa waliyyaafachuufi hamilee waliif kennuu, walbarbaaduufi walgorsuun tokkummaan aartii sabichaa guddisurrti xiyyeffachuu qabu. Artistrooni Oromoo, waljajabeessuu, waljaaruu, hamilee cimaa qabaachuu, walkabajuufi walbarbaaduu qabu. Inni daandii qabate isa duubaan dhuu jajjabeessuu qaba ergaa jedhun dabarsaaf.

ODUU

Bu'aqabeessummaan...

Baha Fagoofi kanneen biroo daawwannaa hojif gara Itoophiyaa dhufuu qondaaltota mootummaa Itoophiyaa waliin dhimmoota garaagaraarratti marii taasisaniiru.

Itoophiyaan hariiroo biyyoota ollaaf xiyyeffannoo addaa lattee hojjechaa jiraachuu eeranii, sababnisaas biyyoota kanneen waliin daangaa waliini qofa osoo hintaane ummata walini waan qabduuf, miidhamni isaanii miidhama Itoophiyaa ta'u himu.

Daawwannaa Pirezdaantii Sudaan Kibbaa Saalvaakiir ilaachisee akka jedhanitti, akkaataa hariiroo daldalaan kanaan dura biyyoota lamaan gidduu ture itti cimsuun danda'amuufi biyyoota lamaan bu'uraalee misoomaatiin walitti hidhuun danda'amurratti mariin bu'a qabeessi taasifameera. Ministeera Dhimma Alaa Afrikaa Kibbaa Doktar Naaledii Paandar waliinis haalota waliigaltee Piritooriya guutuutti hojiitti hiikuuf gargaaran irratti marii bal'aan taasifameera.

Pirezdaantiin Baankii Addunyaa Ajaay Baangaanis torbee darbe Itoophiyaa

daawwachuunsanii Itoophiyaaf faayidaa olaanaa ta'u kaasanii, mootummaan Itoophiyaa pirojektoota misoomaa gurguddoo biyyattii keessatti hojjechaa jiru ariifachiisuf deeggarsa maallaqaa argachuuf dhaabbilee faayinaansii idil addunyaa waliin hojjechaa jiraachuu ibsu.

Daawwannaan Ministeera Dhimma Alaa Jaappaan Hayashii Yoshimaasaafi Ministeera Dhimma Alaa Kooriyaa Kibbaa Paarkiin Jiinis, Itoophiyaan hariiroo biyyoota Baha Eeshiyaa waliin qabdu guddifachuuuf itti fusiinsaan kan itti adeemsifamu ta'u dubbatu. Keessumaan gama daldalaan, invastimantii, guddina dandeetii akkasumas kalaqa saayinsiif teknolojiitiin muuxannoo quoddachuu irratti Itoophiyaan biyyoota kanneen waliin hojjechuuf fedhii guddaa akka qabduis ibsaniru.

Hariiroon dippilomaasi Itoophiyaafi Kooriyaa Kibbaa waggoota 60 kan guute yoo ta'u kan himan Ambaasaaddar Alam, naannolee walitti bu'iinsaan miidhaman keessatti sochii deebisanii dhaabuuf ijaaruuf deeggarsa taasisuuf Paarkiin Jiin waadaa galuu himaniiru.

"Naanno Amaaraatti...

sabaafi sablammoota biyyattii moggaatti dhiibuun wixxifachaa jira jedhanii, yaadni akkasii maraatummaarraa kan darbe abjuu yoomuu galma hingeenye ta'u hubachiisaniru.

Yeroo ammaa qindoomina ummataafi Raayyaa Ittisa Biyyaan tarkaanfi fudhatamaa jiruun kan bittinnaa'ee qaamni badii kun Raayyaa Ittisa Biyyaarraa maqaa balleessurraa darbee diinota Itoophiyaan wal ta'uun dantaa biyyattii balaarra buusuuf dhagaan hingalagalchne akka hin jirre dubbataniiru.

Namootni yakka hamaa dalagaan jiraniifii miidiyalee hawaasaatti fayyadamuun kallattiin qajeelcha kennan, deggersa taasisanifi burjaajjii uumaa jiran 23 to'anno seeraa jala oolanii dhimmisaanii ilaalamaa jiraachuu himamee, ta'us badiin ala koomandipoostii dhaabbateen hanga ammaatti namni to'annaa seeraa

jala oole akka hinjirre himameera.

Osoo hinhubatiin namootni qaama badii kana waliin hiriiran hedduun gara nagaatti deebi'uun ibsamee, ammas taanaan namootni osoo hinhubatiin qaama biyya diiguuf wixxifatu kana waliin hiriiran yoo kan deebi'an ta'e karri banaa ta'uufi namoota qaamolee badii keessatti hirmaatan kana deebisuuf carraaqanis akka jajjabeessuu hubachiisaniru.

Qaamni badii kun yeroo dheeraaf qophii taasisaa turuufi humna naannichaan ol ta'uusaan gaaffii mootummaa federaalaaf taasifameen yeroo gabaabaa keessatti to'anno jala oolu himanii, ummatni naannichaas sodaa tokko malee gara hojii idileesaatti akka deebi'uufi qaama bittinnaa'ee nagaasaa booressuu yaalu qolachuuf akka of qopheessuu Doktar Laggassaa Tulluu waamicha dhiyeessaniiru.

"Raayyaa ittisa biyyaa maqaa...

yookiin jibbaan machaa'anii jaarmiyyaa wabii hundaa ta'e kana maqaa balleessuun eessaanuu nama hinga'u.

Naanno Amaaraatti, qondaaltota mootummaa ajeessun, saamichi raawwachuun, gibira walitti qabuun, walumaagalatti alsoerummaan daangaa darbe raawwatamaa turuu yaadachiisanii, tibbana galaana jeequmsaa finxaaleyii qabsiisanii jirenya hawaasa naannichaa balaarra bu'e baraaruun raayyaa ittisaalatti wanta hin yaadamne ta'u ibsaniru.

Maqa balleessii RIB mitii nama dhuunfaayyu maqaa xureessuun seera

biyyattii keessatti tumamee jiraachuu ibsanii, haa ta'u malee, qaawwa qaamoleen seera raawwachiisan uumanii maqaan jaarmiyan wabii biyyattii ta'e kun akka malee akka xuraa'uuf karra saaquo dubbataniiru.

Haasaan jibbiinsaa miidiyaa hawaasaas ta'e kan idileen raawwataman rakko kutannoo dhabuu yoo ta'e malee seeraan ol akka hintaane eeranii, biyyarratti qoosaa waan hinjirref maqa balleessiif haasa jibbiinsaa biyya gara diiguutti dhiibaajiranirratti seeri akka jabaatu gaafataniiru.

"Hojii to'annoofi hordoffii waggoota...

lammummaatiin humna, qabeenyaafi beekumsa ummataa qindeessuun waan raijii hojjechuun danda'ameera. Rakko hawaasummaa waloo ummanni qabu ittiin furuuf Buusaan Gonofaa Oromiyaa akka hundaa'u ta'eera. Haqa ummataa mirkaneessuufis Manni Murtii Aadaa hundaa'ee hawaasni baasii tokko malee dhiyeenyatti tajaajila akka argatu ta'eera jedhu.

Waliigalteewwan idil addunyaa Itoophiyaan mallatteessite keessaa tokko mirgoota bu'uuraa dhala namaaf kennaman kabajjee kabachiisun hojiirra oolchuu ta'u ibsanii, Heerri RDFI keessaa keewwattooni mirga namoomaan walqabatanii jiran waliigaltee idil addunyaa kana bu'uura kan godhatan ta'u kaasu. Mootummaan Naanno Oromiyas, qajeeltoo Heera Biyyalessaa irraa maddeen, Heera Fooyya'aa Naannichaa 1994 bahe keessatti keewwattoota mirga namoomaa kanneen kallattiin kan fudhateefi waliigaltee kana kabajuun mirgoota bu'uuraa lammilee kabajee kabachiisun dirqama isaa waan ta'eef, sadarkaa naannichaatti olaantummaan seeraa mirkanaa'ee qabiinsi mirga lammilee kabajamuu isaa akka hordofuufi to'atuuf Caffee Oromiyaa aangoon kennamuu dubbatu. Qabiinsi mirgootaafi nageenya lammilee eegsisuu olaantummaan seeraa mirkaneessuun hojiirra oola waan ta'eef Caffichi dhimma kanarrattis xiyyeffatee hojjechaa jiraachuu eeraniiru.

Caffeen Oromiyaa hojiiwan karoorfaman raawwachiisuuf bajata naannichaakka raggaasisu, bajatni ragga'es qixa sirriin hojiirra ooluufi dhiisuusaas akka hordofuufi to'atus eeranii, bajanni ragga'e seerota bulchiinsa faayinaansifi qabeenya naannichaakka hordeene haala dinagdawaa, si'ayinaafi bu'a qabeessa ta'een hojiirra ooluun fayyadummaa ummataa akka mirkaneessuuf to'annoofi hordoffii cimaan taasifamaa turuu kaasu.

"Horataalee mootummaafi ummataarratti qindoominaan hojennee bu'a caalmaa haa galmeessinu miira jedhuun hordoffifi to'anno taasifamaa tureen bara 2015ti maallaqaafi sanadaan qarshiin biliyoona 7.4 deebi'uun danda'eera. Raawwii hojii to'annoofi hordoffii waggoota lamaan darbaniiit ammoo qarshiin biliyoona 11.32 deebi'uun danda'eera" jedhu.

Akka ibsaAaddeSa'aadaatti, hojijleen seeraafi sirna hojmaata bu'uura godhatanii akka raawwatamaniif sirni walhordofuufi to'achuu qaamolee mootummaa gidduutti diriiree karaa fayyadummaa ummataa mirkaneessuun hojiirra ooluun ijaarsa sirna dimokiraasiif ammoo

utubaa ta'e akka tajaajiluuf xiyyeffannaan irratti hojjetamaa jiraachuu eeraniiru.

Qabeenya ummatarraa walitti qabee misooma ummataaf oolchuu gahee mootummaa ta'u himanii, galmi hordoffifi to'anno Caffee, misooma haqa qabeessa, ariifataafi qulqullina qabu ummataaf dhiyeessuun fayyadummaasaa mirkaneessu akka ta'es himaniiru.

Biyya sirna dimokiraasiin bultu keessatti, hundeffama mootummaa tokkoof qaamoleen mootummaa sadeen jiraachuu murteessaa ta'u himanii, daangaan aangoo heeraan qoodamee isaaniif kennname madaala isaa eegee akka hojiirra ooluuf sirni wal hordofuufi to'achuu gidduu isaaniitti diriiree hojiirra oolaa jiraachuu kaasu. Kun aangoon qaama tokko biratti garmalee akka hinkuufamneef daangessuuf, dhiibbaa itti fayyadama aangoon walqabatee dhufu hir'isuun murtiwwan fayyadummaa ummataa giddugala godhatan kenuufi qaamoleen mootummaa daangaa aangoofi gahee hojii heeraan kennameef bu'uura godhatanii akka hojjetan taasisu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'u dubbataniiru.

"Aangoon kan ummataati. Caffeen Oromiyaa ammoo bakka bu'a ummataati. Qaamni ummata bakka bu'e ammoo fedhiifi faayidaa ummata bakka isa buufatee galmaan gahuun amantaa ummanni naannicha itti kennate dhugomsuuf cimee hojiisa hojjechuu waan qabuuf Caffeen Oromiyas dhimmoota kanneen giddugala godhatee hojii hojjechaa tureen bu'aawwan hedduu galmeesseera. Hojilee Caffeen Oromiyaa waggoota lamaan darban gama hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaan raawwataa tureen bu'a qabatamaan ijaan mul'atuufi jiruufi jirenya hawaasaa jijiiruu danda'u argameera. Hojilee gama qonnaa, barnootaa, fayaafi galii naannicha guddisuufraawwatamaniinbu'aalee jajjabeessoon galmaa'aniiru"

Caffeen Oromiyaa karoora imala badhaadhinaa waggaa 10f qabame milkeessuuf karoori bara 2016 'Karoora Xiiqii' jedhamee akka Mootummaa Naanno Oromiyaatti hojiirra akka ooluuf Yaa'ii Idilee 5ffaa darbe irratti raggaasuu hojiitti seenuu kan himan afyaa'iin tun, wabii nyaataa mirkaneessuun, omishaalee alaa galan kan biyya keessaatiin bakka buusuun, alergii guddisuun, carraa hojii bal'aa uumuun, galii naannicha guddisuu muuxannoowwan argaman qindeessanii ittifusiisuun kallattiwwan hojii ijoo bara 2016 ta'uus himaniiru.



Akkaadaamichi bara dhufu ispoorteessitoota 300 ol simachuuf qophiidha

Finfinnee: Akkaadaamiin Ispoortii Itoophiyaa bara dhufu akaakuuwwan ispoortii adda addaatiin ispoorteessitoota 300 simachuuf qophii ta'u beeksise.

Ispoorteessitootni umuriinsaanii waggaa 16 gadi ta"e kunniin waggoota afuriif akka turan Daarektarri Olaanaan akkaadaamichaa Obbo Anbassaa Inniyawu beeksisaniru.

Akkaibsasaaniitti leenjiwwan saayinsiidhaan deeggarama kan kennamuuf yemmuu ta'u, hojiin ispoorteessitoota kanneen filachuu guutummaa biyyaatti adeemsifamaa jira.

Hojiin ispoorteessitoota filachuu kun immoo marsaawan lamaan kan adeemsifaman yemmuu ta'an, marsaan duraa Hagayaa 5 hanga 20 bara 2015 yoo ta'u, marsaan lammaffaa Hagayaa 20 hanga 30 bara 2015 kan kan geggeeffamu ta'a.

Akaakuuwwan ispoortii akkaadaamichi filannoo ittiin gaggeesssu atileetiksii, kubbaa milaa, tekuwaandoo addunyaa, kubbaa saaphanaa, biskileetii, buunyaa, teenisii minjaalaafi kubbaa kachoofaa ta'uus eeraniiru.

Garee guddatootaa biyyalessaa biyyaattii akaakuuwwan ispoortii garagaraan bakka bu'uun hirmaatan baay'eensaani firii akkaadaamichaa ta'uus Obbo Anbassaa ibsaniru.

Dabalataanis dorgommii olompiikii Tokiyyoo, tekuwaandoo addunyaa Itoophiyaa bakka bu'uun atleet Solomoon Tufaafi dorgommii gufaachiisa meetira kuma sadiin rikardii addunyaa kan cabse atleet Lammeechaa



Girmaa ispoorteessitoota akkaadaamichaa keessa argaman ta'u beeksisaniru.

Shampiyoona Atileetiksii Addunyaa guyyoota saddeet booda Haangaritti gaggeeffamurraatti Itoopiyanonni

dorgommii gufachiisa meetira kuma sadii kan bakka bu'an fageenya fiigichaatiin rikardii addunyaa kan qabu Atleet Lammeechaa dabalatee Geetinnat Waaleefi Abrahaam Simee ni argamu jedhaniiru.

Ispoorteessitootni guddatootaa leenjiicharratti hirmaatan gahumsisanii mirkaana'uun gara leenjichaakka galan kaasun, kanneen dandeettii qaban Carrichatti akka fayyadamaan ergaasaanii dabarsaaniru.

Federeeshinichi shampiyoonaan Atileetiksii 19ffaa addunyaatiif qophaa'aa jira

Wasanee Amaaree

Finfinnee: Shaampiyoonaan Atileetiksii 19ffaa Addunyaa Hagayya 13-21 bara 2015 Magaalaa guddoo Haangaarii, Budaapestitti adeemsifamuuf qophii taasisaa jiru cimsee ittifuu Federeeshiniin Atileetiksii Itoophiyaa beeksiseera.

Federeeshinichi garee atileetiksii Itoophiyaa dorgommicharratti biyya bakka bu'uun hirmaatu filachuun torbanoota darbanirraa jalqabee gaara Inxooxxoorratti qophaa'aa jiraachuu ibseera. Kunis atleetonni seenaa darbe irra deebi'uun akka galmeessanif kan isaan gargaaru ta'u eereera.

Itoophiyaan waldorgommii shaampiyoonaan darbeen fiigichaafii giddugaleessaatiin meedaliyaa 101 kan fidde yoo ta'u, isaan keessaas: atleetonni 19 meedaaliyaa warqii 33, atleetonni 28 ammoo meetii 34fi atleetonni 25 nahaasaa



28 argamsiisaniru.

Atleetonni Itoophiyaa fiigichaafii giddugaleessaatii akka Afrikaatti maqaa

gaarii kan qaban yemmuu ta'u, kunis Atleet Abbabbaa Biqilaarraa hanga Hayilee Gabrasillaaseetti; Darartuu Tulluu hanga

Xurunash Dibaabaa; Mirutsi Yifxarii hanga Qananiisa Baqqalaa; Masaraat Daffaarii hanga Lattasanbat Gideeyitti fiigichaafii giddugaleessaan atleetonni Itoophiyaa waggoota darbanif addunyarratti maqaa guddaa horataniiru.

Atleet Abbabbaa Biqilaa urjii maratoonii bara 1960moota keessaati. Kunis meedaaliyaa warqii injifachuun baroota 1960fi 1964 fiigichaafii olompiikiin rikardii addunyaa (2:12:11) galmeessisuun Afrikaarraa gurraacha yeroo jalqaabaatiif waldorgommii mo'ate ta'uun beekamtii argate.

Atleet Daraartuu Tulluu bara 1995tti waldorgommii Olompikii Baarseloona meetira kuma 10 irratti qabxii galmeessisteen akka Itoophiyaafii Afrikaatti dubartii jalqaabaa meedaaliyaa warqii argamsiiste ta'uunshee atleetota har'aatiif miira injifanno ta'ee tajaajilaa jira.